

# **Kadhata bu'a Qabeessa Warra Badaniif**



**Luqqisawan kana fudhataman hiikkaa Macaafa Qulqulluu  
Kingi Jams irraati.**

**Maxxansa Bara 2003**

**Lii I Toomas**

**Mirgi hundi kan eegameedha.**



**Dhaabbata Maxxansaa Joon Baaptiist Piriintiingi Ministirii  
Miiliifoorde Ohiyyoo  
Yuunaayitid Isteetis oof Ameerikaa**

Hiikaa fi Maxxansaa: Tajaajila Anaasimoos  
@Bara 2014 Tajaajila Anaasimoos Mirgi Seeraan kan  
Eegameedha.  
Fintfinnee, Itoophiyaa

Haala heeyyamni maxxansaa hin argaminitti kutaa kitaaba  
kanaa kamiyyuu fudhachuunis ta'ee karaa kamiiniyyuu  
baay'isuun akkasumas raabsuun seeraan kan dhorkameedha.



Tajaajila Anaasimoos  
መስከረም 2014 ዓ.ም  
አዲስ አበባ : ኢትዮጵያ  
Lakk. Bilbilaa: 11134961168  
Maqaa fi dhaabbata maxxansaa  
Glory Printing Service

## Baafata

Baafata .....	i
Dursa .....	1
Boqonnaa 1	
Barbaachisummaa Hubachuu .....	4
Boqonnaa 2	
Bu'uura Macaafa Qulqulluu .....	9
Boqonnaa 3	
Dhimmoota Dhuunfaa.....	16
Boqonnaa 4	
Tarree Gaaaffiiwan Kadhataa.....	36
Boqonnaa 5	
Lola Hafuuraa.....	50
Boqonnaa 6	
Dhuga Bahumsa Jirenya Dhuunfaa .....	76
Boqonnaa 7	
Waadaa Galuu.....	91
Unka Mata Duree Kadhataa .....	94
Kitaabilee Ragaa .....	96

## Dursa

Kadhanni meeshaa fi abboommii Macaafa Qulqulluu karaa Iyyasuus Kiristoosin Waaqayyoo waliin tokkummaa ittiin goonudha. Sanyiin nama bade akka fayyina argatuuf Iyyasuus Kiristooss hojii oolchuu isaatiin kadhata adda durummaan itti fayyadamuu isaa caalaatti murteessaa ta'uu isaa duuka buutota isaatiif jala muree ibseera. Waldaan Kiristaanaa durii ergama fayyinaa gudada Gooftaa biraat isheef kenname akka ta'utti kan baate ejjennoo hin xuqamne kan sagalichaa fi tajaajila kadhataatiif qabduunidha.

“Kadhata bu'a qabeessa warra badaniif “seera Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'uun namoonni fayyina Iyyasuus Kiristoosin mul'ate ayyaana isaatiin akka argataniif kadhanni barbaachisaa fi murteessaa ta'uu isaa ni hubachiisa. Dhuga bahumsa jirenya dhuunfaa raga godhachuun dubbistoonni loltoota kadhataa cimoo warra badaniif kladhatan akka ta'an kanaanis waadaa isaanii eeguun hojjettoota wangeela s'iawoo akka ta'an cimsee ni ibsa.

Jaalalli lubbuuwwan badaniif qabnu sababoota cimoo akka akka isaaniif kladhannu nu taasisan keessaa kan jalqabaati. Kadhanni wantoota addunyaa irra jiran hundumaa keessaa hojii abboommii humna dhiibaba uumuu danda'u qabuudha, amantoonni yommuu kadhatan waan gaarii hojjechuuf akkasumas gara bu'a qabeesumaatti gahuuf dandeettii isaanii

dacha kumaa fi kuma dhibba ni dabala, kun baay'isanii ol kaasuu miti! Namni yoo kadhatu Waaqayyo ni hojjeta.

Tajaajila Anaasimoos "Ijoollee saaxilamoo daandii irraa kanneen hidhaa hamaa keessa jiranii fi kanneen biroo waan hunda isaanii wangeelaan qaqqabuun dhaantota mootummaa Waaqayyoo ta'uun lammii faaayida qabeessa duuka buutuu Iyyasuus akka ta'aniif hojjechaa jira. Duuka buutummaan, tooftaa lallaba Macaafa Qulqulluu qabiyyeetiin, maatii kiristaanaa, guddina hunda galeessaa daragaggootaa, waldaa kiristaana dhaabuu fi mishinarummaa irrattis leenjiwwan bu'a qabeessaa manneen amantii fi dhaabbilee garagaraatiif kenneera. Kitaaba hiikaa dinqisiisaa kana dura buutotaaf, tajaajiltootaaf fi amantootaaf hojii wangeelaa guddaa fayyina lubbuuwwan badaniitiif gahee guddaa kadhanni qabu hubachiisuuf hojii mootumama Waaqayyootiif akka dammaqan akka dadammaqanis addunyaaf qophaa'eera.

Kitaabichi bifaa kanaan akak qophaa'u hojii hiikkaa Addee Immabeet Daargee, hiikaa Obbo Andinnat Ma'aazaa akkasumas gumaacha gulaallii waliigalaa Obbo Takkaa Ambaachoo (H/W)'tiif galata koo ol'aanaa ta'e nan dhiyeessa. Hojiin hiikaa akka maxxanfamu heeyyamuunis ta'ee deeggarsa maallaqaa taasisuunis warren itti dadhabanii hojjetaan

Ivanjelizim Riisoorsiif fi hojii dubbisa barreeffamaa dhumaan kan hojjetan Hojii Hiikaa Innaatiif akkasumas abbaa qabeenyaa Mana Maxxansaa Giloorii Obboo Kiruubeel, hojjetoota Anaasimoos hundumaaf, miseensota boordiif, manneen amantaa fi dhaabbilee jaallee ta'an hundumaaf galata guddaa koo nan dhiyeessa.

Iyyaasuus Kiristoos kadhata bu'a qabeessa lubbuuwwan badaniitiif godhamu irratti fakkeenya keenya isa muummee waan ta'eef .... dubbistoonni kitaaba dinqissiisaa kana maallaqa isaanii gochuun faayina namoota hedduutiif hojjetoota kadhataan lolan akka ta'an kanaanis kadhata bu'a qabeessa ulfinaa fi humnaa lubbuuwwan badaniif taasifamutti akka makaman baay'ee ni jajjaabeessina.

**Dr. Nagga Ma'aazaa**  
**Hundeessaa fi Gaggeessaa Tajaajila Anaasimoos**

## **Boqonnaa 1**

### **Barbaachisummaa Hubachuu**

Namni tokkoo yoo isaaniif kadhachuu baate kan badan dhugumaan hin badan, fayyuus hin danda'an. Jechamni kun rifachiisaadha, Macaafni Qulqulluun ijoolleen daabiloos kannen badan (Yohaannis 8:44), aangoo bittaa seexanaa jalatti hidhamtoota kan ta'an (Hojii Ergamootaa 26:18), mana humna qabeessatti kan kan qabaman (Maarqos 3:27), booji'amtoota waraanaa (Isayyaas 14:17) akkasumas Wangeela ofii isaaniin kan hin hubanne (Qorontos 2ffaa 4:3-4) ta'uu isaaniitti fakkii guddaa jiru hanga hin hubannetti herreega hin amanamne fakkaachuu ni danda'a.

Kanneen badan hundi fayyinaa akka argatan yoo barbaabchise kadhachuu qabna. Yeroodhaaf jaamummaa hafuuraa irratti haa xiyyeefannu. Qorontos 2ffaa 4:3-4 "Wangeelli nuyi lallabnu yoo haguugame immoo warraa karaa badiisaa irra jira duwwaadhaaf haguugame. Inni hamaan waaqayyicha bara si'anaa kana ta'e yaada warra hin amaninii sana jaamseera" jedha. Kutaan kun ifatti kan nu barsisu seexanni sammuu namoota badanii wangela akka hin hubann taasisuun akka dukkaneessedha.

Leewis Ispeerii Chaafer akkas jedheera "Qorontos 2ffaa 4:3-4 dukkanna'uun sammuu yookan jaamumaman ibsame sadarakaa idil addunyaatti karaa fayyinaa hammachuu akka hin

dandeenye taasisa, kaayyoo hojii fayyisuu Waaqayyoo gufachiisuun namni diina guddaa Waaqayyoo akka ta'u taasisa. Ilmi nama humna qabaachuu kan hin dandeenye kallaattii herreega sammuu isaa faallessuudha" (Chafeet, 57).

Lallabdoota gurguddoo addunya keenya keessatti ka'an keessaa tokko Chaarlas H Ispaarjin turan. Waa'ee jijiiramuu isaa yommuu dubbatu "Ani daandii qulqullinaatiin gaggeeffamuu, yeroo ciisichaas harkawwan kadhataan guutaman jala boqochuu, faarfannaawwan waa'ee Iyyasuus dubbataniin deeggaramee akka rafu ibsuun jaalladha. Wangeela irra deddeebiin dhagaheera, garuu sagaleel Waaqayyoo humnaan ana irratti yommuu dhufe akka waan saboota Afrikaa gidduu galeessatti hin daawwataminii gidduutti argamuutti, seeliwwan dhiigaa uumaa keessaa akka yaa'a bishaaniitti bu'uun akka nama haaraa oduu qulqulleessaa dhiigaan guutamee fi fayyisu gonkuma hin dhageenyen nan ta'a. yeroo jalqabatti yeroon wangeela dhagahee fi lubbuun koo fayyitetti kanaan dura akka nama homaa hin dhageenyetin yaadee ture. Kunis lallabaan dhugumaan akka hin lallabnettakkaa'e, haata'u malee gara booddeetti yommuun ilaalu wangeelli waggoota dhibba booddee yommuu lallabamu guutummaan akka dhagahe akka amanu na taasiseera, kana ture waan ta'eef! Akka waan kanaan dura hin dhageenyetti dhagahaa waanan tureef ergaa isaa akka yeroo duraanii ifa hin

taane. Garuu Hafuurri Qulqulluun gurrawwan koo banuun ergichi gara laphee akka seenu taasise, kanaanis dhugaan isaa kanaa dura lallabamee akka hin beekne nan yaade. Amma garuu ifichi ija koo irratti yeroo hundumaa akka ifutti natti dhagahama, garuun jaamaan ture. Kanaafuu akkaifti gonkumaa achi hin geenyeettin yaade. Ifti yeroo hundumaa ni ifa ture, ta'us humna ifa ittiin fudhu hin qabu ture, caralalawwan ifa waaqummatiif iiji lubbuu qophaa'aa hin turre waan ta'eef" (Ispaarjiin 26-28) ::

Dhuga bahumsi Ispaarjiin sammuu wangeelaaf jaamaa ta'eef wangeelli qofti gosa kamiiniyyuu bu'a qabeessa akka hin taane kan agarsiisudha. Namoota eenyumtuu kadhateefii hin beekneef wangeela quoduun namni jaamaan si waliin ta'ee yeroo jirutti akka biiftuu lixxu hin argine gochuu jechuudha. Kun dhimma abdii hin qabneedha, sababiin isaa inni jaameera waan ta'eef arguu hin danda'u.

Hafuurri Qulqulluun golgaa sexanni jaamse yoo hin dhabamsiisin, wangeelaaf sammuu fi laphee yoo hin banin fayyuun hin danda'amu, wanti Waaqayyoo "isaaf gowwummaa" dha (Qorontos 1ffaa 2:14) :: Gowwummaan Giriin "Mooriyaa" yoo ta'u, "Mooroon" Jcha Afaan Ingiliffaa (Doofaa yookan rakkoo sammuu kan qabu) jedhu bakka bu'a. Kuusa jechootaa Ingiliffaa Weebistar duubatti harkifanna guddina sammuu ol'aanaa yookan gahumsa dhabuu waliin walqabsiisuun hiika.

Namni bade wangeela kan ilaalu akka nama doofaa yookan rakkoo sammuu qabuu waan ta'eef, hubannoo jal'ataa wangeelaaf qabu jirenyaa isaa keessatti jijiiruu kan danda'u "cimaan nama kadhataa" ti.

Haala kana keessatti nama bade kan eenyumtuu hin kadhanneefiif wangeela quoduun miidhaa malee faayidaa hin qabu. Joosii [Peen Leewis "Yaadaan duubatti namni cimaan harka humna qabeessa qabu (wangeelaaf dukkanaa'ummaa kan uumu) yoo hin hubanne taane, namoota dukkana keessa baasuun gara mootummaa jaallatamaa Waaqayyootti namoota fiduun rakkisaadha.

Nuti akekkiachiisa Gooftaa kunis jalqaba dhimma nama humna qabeessa hidhuu hanga hin hubannetti qabeenya isaa saamuuf yaaluun caalaatti aarii isaa dabaluun, hidhannoo isaa caalaatti cimsuun teessoo isaa nagaan akka eegu taasisuu ta'a" (Peen Leewis 42-3). Barbaachisummaa lubbuuwwan fayyanis kadhachuu yoo hubanne akkmitti hojii irra oolchuu akka qabnu barachuun dirqama. A.L.A. Bara 1979 barruu Fuulnas irratti Maaneelii Bi'aasileey mata duree "lubbuuwwan badaniif kadhachuu" jedhu barreesseera. Haasawa isaas akkas jechuun eegala "lubbuuwwan badaniif kadhachuu kan jedhu baay'inaan irra deddeebiin yaada ibsameedha, haata'u malee beekumsii fi hubhannoonaan isaa xiqqoodha". Kun saanduuqa lakkoofsa iccitiin cufame osoo lakkoofsicha hin beekin akka banuuf yaaluutti

lakkaa'ama hangamiyyuu yaalii goonu abdii ni kutanna, ni dhaabna.

Mootummaa barabaraatiif qophaa'uiuf lubbuuwwan Kiristoos du'eef yaada keenya ta'uu qabu, isaanii kadhata bu'a qabeessa akkamitti gochuu akka qabnu barachuu qabna. Akka dhugaa yoo ta'e kadhata keetu tokko tokko daandii si'oolii irraa deebisa! Namni hafuura dammaqsuun beekamaan Chaarles G Feen "Hiriya obsa dhabe ilaachisee karaan ittiin si'oolii irraa ooluu danmda'u yoo jiraate kadhata ati nama sanaaf gootudha" (Fineey, 54). :

Iyyasuus abbaan isaa yoo hoijetu kan arge hojjeta ture (Yohaannis 5:19), nutis akkanumatti wanta Gooftaan keenya hoijetun qofa hojjechuu qabna. Inni maala hojjechaa turee? Inni yeroo hundumaa walitti araarsa Ibroota 7:25), yeroo hedduu walitti araara gahee amantoota tokko tokkoo qofa taasisnee fudhachuun dogoggora guddaa hojjen, kun itti gaafatamummaa keenya akka hin baane agarsiistuudha. Nuti hundi keenya fakkeenya guddaa Gooftaan keenya namoota birootiif kadhatu hordofuu qabna. Kanneen badaniif kadhata bu'a qabeessa haa barannu, hojji guddicha waliin hojjechuuf Goofta waliin haa hirmaannu!

## **Boqonnaa 2**

### **Bu'uura Macaafa Qulqulluu**

Dandii kadhata bu'a qabeessaa tokkoo fi inni guddaa kadhanni keenya akka nuuf deebi'u Waaqayyo fuulduratti sababa cimaa ta'e dhiyeessuudha. Kana akka goonu Isayyaas Boqonnaa 41:21 ajajni kennemeera: "Waaqayyo mootin Yaaqob yaa waaqayyo saba lafa irraa mee dhimma keessan dhiyeeffadhaa wanta ittiin falmattanis himadhaa"

Sababooni falmii cimaan yeroo hundumaa Macaafa Qulqulluu kan bu'uureffataniidha, namoota badaniif kadhata gochuu ilaachisee qabxiwwan falmii jajjaboon ni jiru. Karaa F J Hugeel ittiin ibsee jaalladheera: "wangeela labsuu fi itti fufiinsa mootummaa Kiristoos irratti kaayyoo Waaqayyoo deeggaruuf karaa kadhataa osoo argannee, hafuuraa kadhachuu ni eeggalla kan kadhata Phaawuloos 39, Deavid Biraandiin, Joorji Mular yookan Pireeyingi Huud ni cimsina. Kanaanis kadhanni keenya ni dhagahama wanti guddaanis ni ta'a" (Hugeel 80).

Jaallalli warroota badaniif qabnu sababoota isaaniif akka kadhannu nu taasisan keessaa kan jalqabaati. kdhanni "jaalalli jilba ishee irra" taate ibsa. Dhugumatti Iyyasuus gara fannoottii kan dhudhate jaala Waaqayyoo ilaan namaatiif qabuudha. Namni dureessi si'ool jiru obbooleewwan isaa gara gidiraa akka hin dhufne obboolota isaatiif akka kadhatu klan godhe jaalala

obbooloota isaa shananiif qabuudha (Luqaas 16: 27-28). Jaalalli kara iddoa araaraa yookan jirenyaatti ni gaggeessa. Chikaagootti akna argamu Paasifiik Gaardan Mishiinii seena qabeessa ta'e Waaqayyoo namoota dhibbootaan lakkaa'aman kanneen hallayyaa si'oolii irratti kufuuf jedhani oolchuuf itti fayyadameera. Dhaabbanni kun yaadachiisa "kadhanni haadholee si duuka bu'eera" jedhu keessa isaatti yoo hammate nana hin dinqisiisu. Baay'inni lubbuuwwan kadhata hadholeetiin fayyanii fi jijjiiramani kan ibsu hanga barabaraa qofa miti. Dhugumatti jaalalli qabeenya guddaa keenya kan hojii lubbuuwwan fayyisuu keessatti qabnuudha. Amantiin immoo lubbuuwwan badaniif kan nitti kadhannu bu'uura Macaafa Qulqulluu isa birooti. Iyyasuus "Isa amanuuf hundinuu ni danda'ama" jedheera (Maarqos Boqonnaa 9:23). Jechi hundinuu jedhu dhugumaan kan of keessatti hammatu fayyuu lubbuuwwaniiti. Fayyuu nama tokkootiif Waaqayyoo amanuu yoo dandeesse argachuu ni dandeessa.

Namoonni arfana namicha naafa sana gara Iyyasuus yommuu fidanitti amantii isaanii ilaaleee "ilma koo cubbuun kee sirraa dhiifameera" jedhe (Maarqos 2:5). Inni akka akka fayyu fidan illee dhiifama cubbuu fudhateera, wanti dinqisiissaan amantiin ittiib samu kanumadha. Amantii maallaqa mootummichaati waan ta'eef!

Ani lubbuuwwan badniiff akka kdhadhu sababoota jaallatamoo keessa tokko humna Macaafni Qulqulluu keessa jiru ibsuu isaati. Akka ibsa Yaaqob Boqonnaa 5:16 Kadhannan nama qajeelaa waan baay'ee hojjechuu danda'a". kadhanni humna qabeessi wantoota addunyaa kana keessa jiran hundumaa caalaatti humna kana qabu ta'uu isaa hubachuu ofii isaatiin ulfaataadha.

"Kadhanni hojii abboommii hubannoo namootaa irra kana darbe, kan caaluu fi kan filatameedha. Kiristaanni yommuu kadhatu wanta gaarii gochuuf, gara bu'a qabeessumaatti gahuuf dandeettiin qabu dacha kumaa fi kuma dhibabatiin ni dabala, kun ol kaasanii ibsuu miti! Namni yommuu kadhatu Waaqayyoo ni hojjeeta" (Heewujil, 10).

Boombiin atomiikii yeroo waraana lamamaffaatti Jaappaa irratti yommuu darbatamu namoota lakkofsaan 92,000 ta'an ajjemaniiru. Yommuu Asoor Iyyaruusaalem weeraretti mootiin Hizqiyaas bakka ummataa gara Waqaayyootti ni iyye, Waaqayyoo ergamaa isaa erguun galgala tokkotti loltuuwwan Asoor 185,000 ajjeese. Kadhanni Hizqiyaas Atomiik Boombii irra dacha lamaan ulfaataa ture, kadhanni diinota barbaadeessuu kan danda'u yoo ta'e humni lubuuwwan fayyisuu isaa kan caalu ta'uun isaa mirkanaa'adha.

Waaqayyo namoota badaniif akka kadhannu kan nurraa eeguun alatti bu'urri Macaafa Qulqulluu jiraachuu baatus kun

mataa isaatiin gahaa dha. Waaqayyo Israa'eliif kaan araara kadhatu tokkoollee akka hin jirre yommuu argetti ni dinqame (Isayyaas Boqonnaa 59:16). Waaqayyoo kan eegun namni tooko akka jiru kutaan ni ibsa.

Waa'ee kadhata araara Waaqyyo barbaaduu Andiriwi Mureey kan dubbate haa ilaallu: Waaqayyoo namoota birootiif kadhachuu jirfeenya isaanii keessatti dhimma jalqabaa godheera. Iyyi laphee Waaqayyoo Ximootewoos 1ffaa Boqonnaa 2:1-4 ifatti kaa'ameera: "ammas waan hundumaa dura himannaan warra kaaniif dubbachuun, galata dhiyeessuunis Waaqayyo duratti nam hundumaaf akka godhamuuf nan gorsa. Nagaatti, gabitti akka namoota Waaqayyootti jireenya ulfinaa qabu jiraachuuf akka dandeenyuuf, mootota biyya bulchu keessatti warra aboo qaban hundumaafis akkasuma godhaa! Kun gaariidha, fuula waaqayyoo fayyisaa keenya durattis fudhatamaadha. Waaqayyo namni hundinuu akka fayyu dhugaa beeku biras akka ga'u in fedha." Jechi jalqaba jedhu Giriikiin pirootoon dha, qabee jechootaa istiroongiitiin jalqaba yeroo, iddo, wal duraa duuba, yookan barbaachisumma akka ta'e hiikameera. Waaqayyoo namoonni hundinuu akka fayyan barbaada namni kamiiyuu kadhataan ala waan hin fayyineef nuti kadhata gochuu qabnu iddo dursaa irra kaa'uun isaa nama dinqisiisaa?

Lubbuuwwan badaniif wantoota jajjabeessituu kan ta'an keessaa tokko fakkeenyawwan Macafaa Qulqulluuti. Fakkeenyawwan hundumaa irraa kan caale Gooftaa Iyyasuus Kiristoosidha. Raajiin Isayyaas 53 irra jiru Kiristoos "Warra cubbamtootaan arara kadhate" jedha. Raajiin kun kallattiin rawwatamummaa kan argate inni fannoo irratti "Yaa abbaa wan godhan hin beekanii'o isaaniif dhiisi" yeroo jedhetti (Luqaas 23:34).

Iyyasuun nuti namoota birootiif kadhachuu akka qabnu fakkeenya gaarii keenya, ammallee raawwachaa jira. Fayyisaa fi Gooftaan keenya Gooftaa gooftataa teesoo samii irra taa'e ta'ee osoo jiruu ammallee namoota birootiif kadhachuu itti fufeera. Yaanni Ibroota Boqonnaa 7:25 irra jiru natti tola: "Inni yeroo hundumaa isaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf warra karaa isaa gara Waaqayyootti dhi'aatan hamma dhumaatti fayyisuu in danda'a."

Ergamaan Phaawwuloos fakkeenya keenya kan biroo kan duuka bu'uu qabnuudha. Roomee Boqonnaa 10:1 irratti garraamummaa isaa yommuu ibsu "Obboloota koo! Yihudoonni akka fayyan garaa koo hundumaan nan hawwa isaanifis Waaqayyoon nan kadhadha." R Artar Maatiw kitaaba isaanii "Born for Battle" (Waraanaaf dhalachuu) jedhamu irraatti kadhata akkatti ibsu:

"Iddoo namoonni Waqqayyoo banaa irra dhaabbachuun namoota cubbuu fi jirenya uumamaa isaaniitiin olaantummaa Waaqayoo hin fudhanne barbaaduuf kan godhamu barbaacha dhumaa waaqqayyooti" (Maatiw, 104). gaaffiin addaa "nuti hoo isaan duuka ni buunaa?" kan jedhudha.

Kadhata araara akkanaatiif kan ta'an kutaalee bu'uura Macaafa Qulqulluu qaban luqqisuun yoo danda'ame iyyuu tokko qofa itti dabaluun barbaada. Kunis Waaqayyo itti gaafatamummaa kan keenya godheera kan jedhuudha! Waaqayyo qaama "luboota qulqulluu" kan nu taasise (Qorontos 1ffaa Boqonnaa 2:5) namoota birootiif itti gaafatamummaa akka qabaannuufidha, sababiin isaas luboонни biyya lafaa bakka bu'anii samitti kan dhiyaatan waan ta'aniifidh. Dalagaan keenya inni duraa kan ta'u Waaqayyoo fi nama gidduu ta'uun dhimma namootaa kadhata araaratiin Waaqayyotti dhiyeessuudha. Aaroon kan godhe kanuma waan tureef dhahicha cubbuu Iraa'eliin dhufee jiraattotaa fi du'oota gidduutti qabee dhaabbachuun dhahicha ni dhaabe (Zahilquu 16).

Nuti kan fayyine hundi keenya luboota waan taaneef hundi keenya namoota badaniif araara kadhachuuf itti gaafaatamummaa qabna. Kana ta'uu baannan garuu isaa hanga barabaraatti ibidda galaanaa keessa turu. Kanaafuu kadhata raraara cimaa S D Goordon laphee keenya keessa haa jiraachisnu: "amantii keessa koo jiru danda'uu hin danda'u, kan

yoo jedhu gammadaa miti! Miira kee yookan koo osoon dhagahee gaariidha, haata'u malee nama tokko kadhataan Waaqayyoo fuulduratti dhiyeessuu dhabuun namoonni addunyaa kufte kana keessatti badanii jiran akka jiran dhugaa isaa danda'uu hin danda'u' (Goordon,194-195). Kadhanni koo sababoонни Macaafa Qulqulluu isin kakaasanii akka kanaan dura kadhattanitti osoo hin taane haala addaatiin kadhachuu akka dandeenyuufidha.

### **Boqonnaa 3**

### **Dhimmoota Dhuunfaa**

Kadhata deebifaman kamaaniyyuu kan hammaataman haalota lamattu jiru: qajeelumama fia mantii! Qajeelummaa Kiristoosin isa karaa dhiiga isaa kan dhangala'een dhufe teessoo ayyaanaa fuulduratti amantiin akka dhiyaannu nu taasisa, kadhanni bu'a qabeessii kun baay'ee baraachisaadha. Haata'u malee qajeelumama dhuunfaatiis dhimma murteessaadha. Faarfanna Boqonnaa 66:18 "Ani hamaa gochuu garaa kootti utuun yaadeera ta'ee gooftichi matu ma nah in dhaggeeffatu re" jedha. Tarii yaanni kun Yohaannis Boqqonnaa 15:7 "Isin anatti qabattanii yoo jiraattan dubbiin koos isin keessa yoo jiraate waan feetan in kadhattu isiniif in ta'a." jechuun Iyyasuuus haala gaariin ibseera. Ibsa birootiin kiristaanonne abboomamaa ta'an deebii akdhata isaanii ni argatu.

Kadhata deebi'een wanti baraachisaan biroo amantiidha. Addunyaa hafuuraa keessatti seera yoomillee dagatamuu kan hin qabneedha. Yeroo hundumaa "Egaa akkuma amantii keessanii isiniif haa ta'u" (Maatewoos Boqonnaa 9:29) akka jedhutti, amanuu dhabuun cubbuu keenya kan yeroo hundumaa addaan hin cinne ta'ee kadhata hin deebineef sababa ta'uu irraa ni darba.

Kanaafuu namoota badaniif yommuu kadhannu qajeelumama fi (sababa qabeesumama fi dhuunfummaa) akkasumas amantii

nu barbaachisa. Dabalataanis wantoonni dhimma kanaaf barbabachisaa ta'an kanneen biroo saddeet ni jiru. Inni jalqabaa laphee cabeedha. "Warri bo'ichaan facaasan gammachuun haammatu" kan jedhu seera haamicha hafuuraati. Haata'u malee yeroo baay'ee kan barbaannu oomishicha caba lapheetiin ala akka haammanniudha. Yeroo tokko Linoord Riheenhiil yommuu dubbatu "Waaqayyoo kadhataawan hedduu hin deebisu sababiin isaas kadhataawan fedhaawan dhuunfaa irartti kan maxxanana yookan faayidaa dhuunfaa irratti kan xiyyeffataniidha. Inni kdhataawan barbabachisaa ta'an ni deebisa" (Riheenhiil, 110). L; ubbuun keenya hanga nuti wanta barbaachisaa argannutti kadhataawan biro deebifamuu baachuu ni danda'u. Iyyasuus Iyyaruusaalemiif akkuma boo'e nuti saboota jaallannu kanneen badaniif boo'uu qabna.

Yeroo hojjettoonni fayyinaa tokko tokko hooganaa ol'aanaaf lubbuuwan fayyisuu irartti bu'a qabeessa akka hin taane, maala gochuu akka qaban gaafachuun barreessanii turan. Innis "Imimmaaniin yaalaa" jechuun ergaa jechoota lama qabu erge. Imimmaan wangeelaa himuun kan tumsu wanta baay'ee cimaa ta'eedha, Waaqayyoo oomisha bu'a qabeessa ni kenna (Faarfanna Boqonnaa 126:5-6).

Wanti barbaachisaan biroo miixannaa yookan cinqiidha. Isayyaas Boqonnaa 66:8 Ibsi fakkii gidiraa fi cinqii eerameera:

“...Xiyoon garuu akkumam miixatteen ilmaan in deesse” qabee jechootaa Istiroong “Miixannaan, cinqiin yookan gidiraa gadda guddaa kessatti kufuu” hiikaa jedhu ka’aa. Luqaas Boqonnaa 22 Iyyasuus cinqii guddaa keessa akka ture, danfa dhiigaa akka isa danfisiise dubbata. Hedduun keenya jirenya kadhataatiin kara sadarkaa kanaa hin geenyee kanaaf lubbuuwwan Kiristtoosif booji'uun bu'aa gaarii argachuu kan hin dandeenyeef.

Fayyinni Iyyasuus “lammaaffaa dhalachuu” akka ta’e barsiiseera. Haati fooniin ilmoo ishee yommuu deessu miixanna fi cinqiin akkauma isheetti dhagahamu addunyaa hafuuraattis akkaanuma. Phaawuloos amantoota Galaatiyaatiif jirenyi hafuuraa isaanii bilchaachuu dhabuu isaa irraa kan ka’e Kiristoosif isaan booji’uu jecha akka miixanna fi cinqii dahumsaa keessa jiru ibsa. Abbaan manaa ilmoo waan hin deenyeef yommuu haati manaa deessuu miixanna fi cinqii isheen yeroo dahumsaatti argartu akkuma hin hubanne amantoonni dhibbantaa sagaltamii shan ta'an Kiristoosif lubbuu kamiyyuu waan hin boojineef miixanna fi cinqii lubbuuwwaniif qabu hin hubatan.

Anaaf namoota goota ta'an keessaa tokko nama biyya Hindiitti misiyoona ta'uun lubbuuwwan akka fayyaniiif lubbuu isaa kadhstaaf dabarsee kenne Joon Pireeyingi Heeyididha. Bara 1908tti guyyaan guyyaan Waaqayyoo lubbuuwwan fayyan akka

kennuuf ni kadhata ture. Bara ibsame kana keessatti namoota dhibba afur gooftaa lyyasuusif booji'eera, waggaan itti aanutti guyyaa guyyaan lubbuuwan lama akka fayyan ni kadhate (Kadhatichi kadhachuuuf qofa osoo hin taane akka cuuphamanii fi Kiristoosif kan adda bahan akka ta'aniif ture), namoota saddeetii ol Kiristoosif booji'eeera. Bara 1910 A.L.A guyyaa guyyaan namoonni afura akka fayyan kadhatee Waaqayyoo kadhata isaa ni milkeesseef. Haata'u maleee bara kana rakkoon fayyaa yoo isa qunname hiriyaan isaa akka ini doktora bira deemuu baay'ee kakaasee ture. Nuti hubachuu akka dandeenyu nama lubbuuwwaniif baay'ee dhiphatu kanaaf doktorri maal akka jedhe mee haa dhageenyu "Onneen kee haala baay'ee rakkisaa ta'e keessa jira, ani wanti rakkisaan akkasii na qunnamee hin beeku. Onneen kee iddo sirrii gara bitaa irraa osoo hin ta'in kan jiru iddo isaa gadi lakkisee iddo gara mirgaa irratti argama. Kun akkas ta'uu kana danda'eef yaadaa fi cinqama hedduu irraa kan ka'e waan ta'ef gara iddo fi haala sirrii isaatti deebi'uuf ji'ootaaf jirenya callisaa, gadi of deebisaa fi tasgabbaa'aa jiraachuu barbaachisa, jirenya kee guutumatti yoo jijiiruu baattee fi dadhabpii kee gahe yoo jechuu baatte yeroo ji'oota jahaa keessatti adabbii ol'aanaa kaffalta" (Keer, 44). Hojii lubbuuwan si'oolii irraa fayyisuu irratti gooftaa lyyasuus waliin yoo tumsine gatiin kaffaluu qabnu ni jira. Kanaafuu "jirenya isaaniin hanga du'aatti kan hin jaallanne"

gareewwan jaallatamoo ta'anitti haa makamnu (Mul'ata Boqonnaa 12:11), kana yoo goone booju keenya ta'a! Rakkina lubbuuwuan badanii ilaalchisee Macaafni Qulqulluu bifa fakkiitiin kadhataan tatatafachuu fi jajjachuun wanta murteessaa akka ta'e ni mirkaneessa. Isayyaas Boqonnaa 14:17 namoonni badan hidhamtoota seexanaa waan ta'aniif isaan gadi lakkisu akka hin barbaanne nutti hima. Hojii ergamootaa Boqonnaa 26:18 bittaa yookan aangoo seexanaa jala ta'uu isaanii ibsa, ibsi sodaachisaan hunduma kirra caaluu gooftaa Iyyasuus Kiristoos Maarqos Boqnnaa 3:27 mana humna qabeessaa jechuun yommuu ibsu ni agarra. Kun kan agarsiisu humna qabeessii yoo hidhameen alatti namni kamiiyuu nama tokkoolle gargaaruu akka hin dandenyeedha. Hafuurota hamoo tokko tokko irratti boojuu gonfachuuf sooma fi kadhanni barbaachisaadha (Maarqoos Boqonnaa 9:29). Kadhanni cimaan itti fufiinsa qabu kan barbabachisu Waaqayyoo namoota kanenen fayyisuuf heeyyamamaa osoo hin ta'in hafee miti seexanni gadi lakkisuuf heeyyamamaa waan hin taaneef malee! Seexanni biyya tokkoo fi aadaa isaa guutumatti to'achuu ni danda'a. Kanaf misiyoononni tokko tokko namoota naannoo tokko tokkotti argaman wangelaan qaqlaabuun isaanitti kan ulfaatu. "Keeriin Hindiitti amanaa jalqabaa bishaanii cuuphuun duratti waggoonni hedduun lakkaa'amaniiru, Joonsan Burmaahatti duuka buutuu jqalqabaa

Kiristoosif booji'uun duratti waggoota torba itti fudhateera, Mooriison amanaa Chaayinaa jalqabaa gara Kiristoositti fiduun duratti waggoota torba dursee rakkina dabarseera. Moofaat Buchmaanota Afrikaatti argaman sochii Hafuura Qulqulluutiin qaqqabuun duratti waggoota torba eegeere. Heenerii Riichaardis amanaa duraa gara gara Banzaa Mantakkaa Koongoo dhufuun duratti waggoota torba guutuu rakkinaa fi dhamaatii dabarseera. (Goordon, 139-40).

Tooftaan tokkoffaa fi jaallatamaa seexanaa haalonni kan hin danda'amne akka fakkaatan taasisuun abdii kutuun kadhannaakka dhaabnu gochuudha. Kan kan godhu kadhannaagonkumaa dhorkuu waan hin dandeenyeef. Yeroo duriitti "seexanni kiristaanni dadhabaan tokko jilba isaatiin yommuu jilbiiffatu yoo argu ni kirkira" jechamni jedhu sirridha. Kadhanni hunduu lola, yeroo kadhattutti haalotaan jijiirama arguu baattus seexanni mo'amaa jiraachuu isaa hubachuu qabda.

Yeroo kadhannutti addunyaa hafuuraatti maal akka ta'u osoo hubannee baay'ee jajjabaanna turre. Eelsaan fardaa fi macca diina irraa isaan eegaa ture akka argu akka danda'uuf ija tajaajilaa isaa akka banu akkuma kadhate sana ijji keenya sirritti banaamuu qabu (Nagast 2ffaa Boqonnaa 6:17). Namoota badaniif bu'aa argitus arguu baattus kadhata kee itti fufi deebiin kadhata keetii deebi'aa nira waan ta'eef.

Tattaaffii akkatti dinqisiisaa ta'ee fi itti fufiinsa qabu kan mul'atu jirenya Joorji Mular irratti. Jalqaba tajaajila isaatti namoonni inni kadhateef battalumatti gara fayyinaatti yoo akka deebi'an bu'a qabeessa ta'uu isaa waan argeef yeroo hundumaa akkas ta'e jechuun miira dinqiju isatti dhagahame. Haata'u malee miira isaa haasawa isaa kanaa gadiitiin haa ilaallu: "waggoota shantamii afurii fi ji'oota sagalii gooftaa lyyasuus itti amanetti deebiwwan kadhanna kuma soddomaa gahan osoon argadhe ta'ee karaa dheeraa hanga kanaa keessa bahee deemuu hin danda'u ture. Namoon ni tokko tokko tarii kadhanni koo hundi deebi'eera jedhanii yaadu ta'a dhugaan garuu kanaa miti. Yeroo tokko tokko torbanoota, ji'oota yookan waggoota eeguun narra ture. Sadaasa bara 1844tti namoonni shan akka jijiiraman kadhachuun eegale. Ergama biroo osoo hin qabaatin guyyaa guyyaan fayyummaanis ta'ee dhukkubbiin, galaana irras ta'ee lafa irra haala kamiiyyuu keessatti dhiibbaa keessattii ta'ee nan kadhadhe. Namoota shanan sana keessa inni jalqabaa tokko gooftaa argachuuf yeroo waggaa tokkoo fi ji'oota jahaa (jechuunis ji'oota kudha saddeet) fudhate. Waaqayyo nan galateeffadhe namoota birootiifis nan kadhadhe. Waggoota shan booddee inni lammaafafan Gooftaa fudhateera. Isa lamamafaaf Gooftaa galateeffadhee isaan sadeen hafaniif kadhachuu ittan fufe. Inni sadafafan gara Gooftaa hanga dhufutti waggoonni jaha kan biroo darbaniiru. Isaan sadeeniif

gootaa galateeffachuu isaan laman hafaniif immoo kadhachuu ittan fufe garuu isaan lamaaf kunneen osoo gooftaa hin fudhatin hafan. Waaqayyoo akkuma badhaadhina ayyaana isaatti deebiwwan kadhataa kumoota hedduun lakkaa'aman kennus guyyoota, sa'aatiiwwanii hedduu fi garuu waa'een namoota lamaa waggoota hedduuf kadhatameefi gara gooftaa osoo hin dhufin hafanii garuu deebii hin arganne" (Istiir, 246-47).

Ta'us kun xumura seenichaa miti inni guyyaa guyyaan fi waggaan waggaan kadhachuu isaa itti fufe akkas jedhe: "dhimmi guddaan hanga deebiin dhufutti kadhanni addaan cituu dhiisuudha. Jijiiramuu nama tokkotiif waggoota soddomii sad i kadhachaan ture. Amma yoo fayyuu baates gara fuulduraatti ni fayya! Kun soo dhugaa ta'uu baatee akkamittan kadhachuu Danda'a". guyyaa hiriyaan Mular gooftaa fudhatu ni dhufe yeroo gara afaan awwaalchaa gahetti hiriyaan isaa kun laphee isaa Gooftaaf ni bane. Lola kadhata addaan hin cinnee kan tatataffii qabuutiin boojuun argameera. Bu'a qabeessummaan Mulalr tarrii jechoota cimaa afuriin ibsamuu ni danda'a "inni abdii hin kenne ture" (Eestaaman, 99-100).

Kadhanni lola waan ta'eef wal bruuu keessatti akka lola kaasuutti lakkaa'uun barbaachisadha. Waaqayyo aangoo dinqisiisaa nuuf kenneera (Maatwoos Boqonnaa 16:19). Aangoo kadhataa keessattuu wangeela namootaaf yeroo qaqqabsiisnutti hojii irra oolchuuf abboomamuu qabna

(Maatewoos Boqnnaa 28:18-20). Nuti mo'attoota (Mul'ata Boqonnaa 12:11), "mo'attootaa ol" (Roomee Boqnnaa 8:37)! Waaqayyoo nurraa kan eegu humna qabeessa fi meeshaa guutuu taanee meeshaa diinaa akka fashaleessinuudha (Luqaas Boqnnaa 11:21-22). Kanaan dura akkuama argine seexanni namoota gabrummaa keessatti kan qabe waan ta'eef, lola malee isan gadi lakkisuu hin barbaadu, yroo hundummaa beekuu kan qabnu "meeshaalee lolaa kan foonii miti garuu gama waaqayyootiin humna qabeessodha" (Qorontos 2ffaa Boqnnaa 10:4), meeshaa waraanaa waaqayyootiin lolaaf yommuu qophoofnu kadhaataan ni lolla (Efesoon Boqnnaa 6:10-18).

Balbala si'oolii humnaan akka miituu fi akka mootu Waaqayyo waldaa kiristaanaa humnaan hundeesseera. Nuti garuu hojji tokko malee teenyee si'ool akka bal'attu afaan ishee daangee malee akka bantu goone (Isayyaas 5:14). "Murteessuu fi miidhuu ilaachisee garaagrummaa baay'ee namtti hin tolletu jira" jechuun Riivaanhil kan dubbate ni danqisa.

Arba guddaa gurcuun mukaa xiqqoon ni dhaabdi, sababiin isaas akka banne godhanii haala kanaan waan leenjisaniifidha. Waldaan kiristaanaa Kirisoos aangoo ishee akka itti hin fayyadamne gowwomfamtee jirti (Efesoon Boqonnaa 1:17-23). Kanaanis firoottan nuti jaallannu sababa amanuu dhabuu fi

abboomamuu dhabuu keeinyaatiin hidhamtoota ta'anii akka egan ta'aniiru.

Seexanni kan mo'ame ta'uu gonkuma fudhachuu hin barbaadu. Isaa olitti kan isa bituu ofii isaa hin bichisiisu, wanta isa faallessu kamiyyuu xiyyeffannoo fi ciminaan morma. Kanaafuu humnaan irraa butuun harka isaa irraa fuudhachuu qabna (Neeweel, 27). Lubbuuwaniif humnaan loluun mootummaa samiitiif isaan qaqqabsiisuun yeroo isaati. "Mootumman waaqaa humnaan dhiibbachaa jira, warri itti galuudhaan dhiibbatanis isa in fudhatu" (Maatewoos Boqonnaa 11:12).

Gara kadhachuutti yommuu dhufnu araaraaf kadhachuun kara baay'een bu'a qabeessadha. Macaafa Qulqulluu kessatti fakkeenyawwan hedduutu jira:- Abrahaam Sadoomiif (seera uumamaa Boqonnaa 18), Muuseen Israa'eliif (seera uumamaa Boqonnaa 32), Hizqiyaas Yihudaaf (Macaafa Seenaa 2ffaa Boqonnaa 19). Kadhanni araaarsuu Waaqayyoo dhimmichaaf deebii akka kenu sababoota Macaafa Qulqulluu dhiyeessuudha. Waaqayyos "Saboota falmii gara fuula isaa duratti akka finnu" nu abboomeera (Isayyaas Boqonnaa 41:21). Eetii Pirsan akkas jedha "dhimmoota keenya gara Waaqayyyoo fulduratti dhiyeesuun falmuu qabna. Kun kan ta'u garuu isaa amansiisuu keenya osoo keenya osoo hin taane inni nu waan amansiiseefidha. Kana gochuun akkaataa abdii inni sagalee

isaatiin, waadaa isaatiin, fi amala isaatiin nuuf kenneen amantiin eeguu akka qabnu inni immoo ofii isaa ganuu waan hin dandeenyeef kadhata araara keenya ni deebisa yaadota jedhu gidduu of kaa'eera" (Piriisen, 150),

Ispeerjiin miirii waa'ee kadhata araara qabu baay'ee ol'aanaa ture. Inni maal jedhe "yeroo kadhattu araara muuxannoo amantiiti." namoonni kadhata qofa jedhan kan kadhtan miti, Waaqayyo waliin falmii dagataniiru. Namoonni dhimmoota isaanii fi sababaoota falmii isaanii Waaqayyoo fuulduratti fidan waa'ee gaaffiwwan isaanii Waaqayyo waliin wal falmu. Obboleessa koo abdii isaatiif, gorsa isaatiif, kadhata aaraara kadhachuu qabna. Yeroo hundumaa waa'ee wnta tokko kan aaraara kadhannuuf jiraachuu qaba. Hanga kadhata araara hin kadhannee nan kadhadha jettee hin yaadin sababiin isaas kadhanni aaraara kutaa ol'aanaa kadhataati waan ta'eef (Ispeerjiin, 49-50).

Joorji Mular yaada Faarfanna Boqonnaa 68:5 irra jiru fudhachuun "Warra abbaa hin qabenef abbaa" jechuun jecha kana yeroo warra abbaa fi haadha hin qabneef kadhatu hundumatti ni eera ture. Innis akkas jedha ture "Gargaarsa Waaqayyootiin falmii kana dura nan taasisa, inni yeroo isaan barabaachisutti warreen abbaa fi haadha hin qabne akka kabajan, inni abbaa isaanii waan ta'eef inni waan wanta barbaachisu akka ta'u ni kenna.

Gaheen koo inni fedhii ijjoolee hiyyeessa kanaaf wanta argamuu qabu akka dhiyeessuu hubachiisuu qofadha" (Piriiseen, 143).

Lubbuuwwan badan akka fayyanif araara kadhachuu akka qabnu kutaalee Macaafa Qulqulluu hedduun akka jiran mirkanaa'adha. Yeroo fi iddo irraa kan ka'e isaan muraasa qofa akkan ibsu naaf heeyyamaa. Kaayyoon Waaqayyoo namootaa ifa akka ta'u ni kadhaanna (Ermiyaas Boqonnaa 1:5, Luqaas Baonnaa 19:10, Pheexiroos 2ffaa Boqonnaa 3:9, Hojji Ergamootaa Boqonnaa 26:18, fi Efosoona Boqonnaa 2:5-7), fayyina ilaachisee abdiwwan Waaqayyoo jiran akka raawwataman ni kdhanna (Yohaanis Boqonnaa 3:16, Roomee Boqonnaa 10:13, Yohaanis Boqonnaa 6:37), humni waaqayyoo akka fayyisu araara kadhachuu ni dandeenya (Ibroota Boqonnaa 7:25, Roomee Boqonnaa 1:16, Qorontos 1ffaa Boqonnaa 2:4-5 fi Pheexiroos 1ffaa 1:3-5), eenyummaan Waaqayyoo walitti dhufeenya namoota waliin qabuun akka uumaa, faayyisaa, abbaa, fi gooftatummaatti akka mul'atu kadhachuu ni dandeenya. Amaloota Waaqayyoo: Jaalala isaa, Araara isaa, ayyaana isaa, obsa isaa fi namootaa rakkachuun isaa akka mul'atu araara kadhachuu ni dandeenya. Kadhanni araara koo inni guddaan yeroowwan darban hojii fayyisuu namoota birootiif oolchuudha, Nanawwee (magaalaa baay'aa cubbamtuu taate kan (Waaqayyoo badiisaaf isheetti murteesse) akka fayyituuf,

hafuura hamaa leegeeyoon (osoo uffata hin uffatin kan jiraatu, iddo awaalchaatti namni kamiyyuu itti dhiyaachuu hin dandeenyetti) bilisa akka bahu, hawaasa irraa kan adda bahee fi hafuura hamaan kan gidirfaamu nuti kan beeknu hidhaa hamama kamirraayyuu akka hiikuu, Saa'ool Tarses (Waldaa Kiristaanaa ni ari'ata ture) akka jijiiramu akkasumas magaalaawwan hin qaqqabamne hunda wageelaan akka gahaniifidha (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 9:35).

Kan biroo kadhanni waggoottaa goonu bu'a qabeessa akka hin taane kan taasisu yaada ka'umsaa keenya. Lubbuuwwan badaniif yommuu kadhannu yaada ka'umsaa kadhata keenyaa ta'uu kan qabu kabaja Waaqayyootiif (Yohaannis Boqonnaa 1:18). Haata'u malee yaadni ka'umsaa keenyaa of tuulumama fi of jaalachuuun kan summaa'e ta'a. Maatiwwan yaadni ka'umsa kadhatoawwan isaanii gaarii waan hin taaneef "hoolaawwan gurraacha" kan jedhu maqaa maatiwwan isaaniitiif kadhachuu ni danda'au ta'a.

Bu'aa yookan jijiirama kamiyyuu osoon hin argin obboleessaa haadha warraa kootiif waggootaaf kadhachheera. Haata'u malee inni dhukkubsataa dhibee sombaa taa'uun isaa yommuu beekamu kadhanni koo ol ka'e, Waaqayyoo yeroon kadhachaa ture hundi of jaalachuuun kan guutaman taa'uu isaanii irraa kan ka'e ta'aniif akkasumaan ta'uu isaa naaf ibse. Argitanii sababiin inni guddaan ani akka inni fayyu barbaadeef obboleettin koo

abbaa warraa ishee gaarii ta'e hin dhabneefidha, ijoolee dhiiraa fi dubaraa kan ishee abbaa akka hin dhabneef ture. Kanaaf Waaqayyoo kadhata ani isaaf kadhadhuu kan deebisuuf hin heeyyamne. Yaadni ka'umsa koo yoommuu sirratutti Waaqayyoo kadhata koo naaf deebise.

Dhimma kana irratti Macaafni Qulqulluun ifadha. Yaaqoba Boqonnaa 4:3 akkas jedha "Yoo kadhattan immoo yaada hamaadhaan waan kadhattaniif hin fudhattan." nama tokkoof (misseensa maatiis haata'u hiriya) yeroo dheeraaf osoo bu'aa hin argin kan kadhattu yoo ta'e yaadni ka'umsaa kee maal akka ta'e sakatta'uu qabda. (Adda durummaa ulfina Waaqayyootiif ta'uu mirkaneessaa).

Adeemsa mana murtiitti abukaatoon himatamaa dhimmicha irratti gaafii ni kaasa, qabxiwwan falmii ni dhiyeessa, dhimmoota irratti raga dhiyeessuun dhimmichi seeraa kan eeganne akka ta'e ni agarsiisa. Abbaa seeraa yoo itti amane dhimmichi seera kan hin eeganne waan ta'eef akka fudhata hin qabaanne taasisa, addunyaan hafuuraas akkanuma. Lubbuuwwan badanii yaadotaa fi sababootaa Macaafa Qulqulluu tarreesuun araara ni kadhanna ta'a, garuu yaadni ka'umsaa keenya sirrii yoo hin taane seexanni nuun morma. Yaada Waaqayyoo waliin waliin galuun kadhanni keenya, araaran keenyas kan waa'ee hin baassnee fi akkasumaan akka hin taanee gochuu qabna. Yaada ka'umsaa sirrii yoo hin

qabaanne ta'e namni nuti kadhannuu du'ee gara si'oolii kan deemu ta'a.

Wanti amanamaan kadhannaar araara kan biroo hafuura gatii baasuuti. Kutaa hojji irra oolu kan yaada kana deeggaru Roomee Boqonnaa 9:3 irratti argama, Phaawuloos warreen Ayihudoota ta'aniif fayyina yommuu jedhu "ani kan abaarame haan ta'u" jedha. Musewenis cubbuu fi irra daddarbaa ummaataatiif guyyaa fi halqkan afurtama biroo soomaa fi kadhataa raawwateera (Keessaa deebii 9:18-19), Asteer "ani yoon bades nan bada" jettee turte (Asteer Boqnnaa 4:16).

Sagantaa seeminarii galgalaatiin dhuga bahumsa waangeelaa dhuunfaan yaada jedhu yommuu barsiisutti kaarii mata dureewwan kadhataa ofirraa qabuu fi gubbaarratti barereffama "siif jedhee gara si'ooliin deema" jedhu qopheesseen ture. Yaadni guddaan isaanis kadhataamee fayyuu baatanis nuti isaaniif jennee gara si'oolii deemuuf heeyyamamaa ta'uu keenya xiyyeffannoo kennuun kadhachuu akka qabnu hubachiisuufidha. Barumsa itti aanuti barattootaaf kaardii kadhataa sana ergan hiree booddee lubni tokko akka naan jedhe "ani eenyufiyyuu jedhee ghara si'ool deemuu heeyyamamaadha jedhee hin yaadu" jechuun sagalee isaa ol kaasee hunda keenyatti dubbate. Dhugumatti Waaqayyoo nuti bakka namoota biroo gara si'oolii akka deemnu barbaaduu baatus heeyyamamoo yoo taane garuu dhimmichi nuti waa'ee

namoota biroo sirriitti kadhachuu kan qabnu karaa bu'a qabeessa ta'een akka kadhannu taasisa.

Wantoota biroo hundumaaf walqixa ta'ullee lubbuuwwan badaniif kadhachuun tokkuummaan wanta baay'eehumna qabeessa ta'edha, yeroo hundumaa bu'aa hatattamaa ni argamsiisa. Daawwitiin guddisee agarsiisu carallaa aduu bakka tokkotti saassabuun akkuma ibidda uumu kiristaanonni tokkummaa uumuun nama murtaa'e tokkoof kan kadhatan yoo ta'e kan humna qabu ni hidhama, akkasumas xiyyeffannoona ilma Waaqayyoo jirenya namichaa irratti mul'atu irratti ta'a.

Ilmi Wiiliyaam Keerii Yaabeets yeroo haasawa godhutti kan ta'e kana ture. Kunis kan ta'e waldaan Kiristaanaa Baaptiistii walga'ii wagga magaalaa Landaanitti adeemsisan irratti Dr. Riilaand Yaabeetsiif ba'aan guddaan itti dhagahamuun akkas jedhaniiru: "Obboloota koo fayyuu fi jijiiramuu Yaabets Keeriitiif kadhata idil addunyaa fi cimaa ta'e tokko gara Waaqayyootti callisuun haa dhiyeessinu. Akkumaakkana jedheen battalumatti Hafuurri Qulqulluun walga'ii hafuuraa sana gidduutti miseensota yaa'ichaa kuma lama gahan irartti ni bu'e. sana booddee hunda isaanii gara kadhata araara callisuun godhameetti isaan gaggeesse. Battalumatti Abbaan keerii jedhamu ilma isaa irraa xaalaya jijiiramuu isaa ibsut ni fudhate, jijiiramni kun kan ta'e sa'atii walfakkaataa walga'ichi hafuuraa kadhachaa jiranitti ture. (Goordon Boqonnaa, 87-88).

Jiim Simbaal ilma isaa kirsiif wagaga lamaa fi walakkaatti kamyuu osoo hin argin osoo aaddaan hin kutin kadhanna cinqii cimaa ta'e kadhateera. Sagantaa kadhataa Kibxata galgala qabaachaa turreen Mana Qulqullummaa Birookiliinitti dubartiin dargaggeettiin takka Kiirsiif kadhachuu akka qabnu isheetii dhagahame. Halkan kanattis waldaan kiristaanaa gara kutaa hojii guddaa ta'uutti jijiiramte, kadhata araara cimaa kanaan "Seexana ati intala tana gonkuma hin argattu haaka kee ishee irraa kaasi isheen gara Goofataatti deebitee jirti" jechuun ni kadhatan. Akkuma kadhataa sana isheen sa'atii 32 booddee gara Gooftaa deebitee jirti (Siyimbaa, 63-65).

Luba waldaa kiristaanaa Niwu Hooppii kan ta'e Loowisiyaanaa walga'ii hafuuraa sanaaf tarree maqaa namoota beekan namni kun akka jijiiramtu nan barbaada, isaaq nan kadhadhaa kan jettan waraqaa irratti barreessaa namoota barreeffaman kudha saddeet keessaa "Maaytiki Doolos" jechuun barreessanii turan. Innis yeroo turban lamaa keessatti haala nama dinqisiisuun jijiiramee Gooftaa fudhate.

Waggaa kudha saddeet guutuu kadhata bu'aa hin qabne akka abbaa manaa ishee fayyu kadhachaa kan turte Heelen Gireeshaam Luba ishee Handaani'eel kadhataan akka ishee gargaaru ni gaafatte. Lamaanuu waliin ta'anii abbaa manaa ishee Riikiif yommuu kadhatan yeroo ji'oota lamaa gadi ta'ee haala dinqisiisaa ta'een Gooftaa fudhatee jijiirame. Waggoota

lamaan kana keessatti Waaqayyoo akka mahaandisaatti jirenya isaa akkamitti akka qiyysesee fi akka jijiire dhuga bahumsa isaa yoo dhageessan baay'ee ni dinqamtu. Haala nama ajaa'ibuun haati manaa fi lubichi isaa akka kadhatan hin beeku ture.

Mee namoota badaniif waliin taanee kadhata cimaa fi bareedaa ta'e haa dhiyeessinu, Yaabets Keeriitiin namoonni kuma lama ta'an bakka tokkootti kadhataaniifii sa'aatii sanatti jijiirame, namoonni kuma hedduun lakkaa'aman Kiriis Simbaaliif kadhatanii isheen sa'aatii 32 keessatti yaada garaa ishee jijiirratte, Maayik Doolsiif immoo namoonni kudha saddeet ta'an torrban lamaaf kadhatanii yeroo turban lamaa keessatti jijiirame. Riik Geershaamiif immoo namoonni lama kadhatanii yeroo ji'ota lamaa gadi ta'etti haala dinqisiisaa ta'ee ni jijiirame.

Dahagahi! Namni ati jaallattu kan si waliin ta'ee kadhataa si gargaaru osoo argattee bu'aa baay'ee dinqisiisaa ta'e argita. Addunyaa hafuuraatiin lamaan isaanii kuma kudhaan kan ta'an ari'achuu hin danda'an waan ta'eef (Keessaa Deebii Boqonnaa 32:30), lamaanuu waliigalanii yoo dhiyaatan tola kadhataatiin yeroo hundumaa deebii gaaffii isaanii ni fudhatu akkuma Gooftaan jedhe (Maatewoos 18:19)!

Kadhanni tokkummaa namoota badanii maaliif akka humna qabeessa ta'e isiniifan ibsa. Wanti jalqabaa fi inni guddaan

Waaqayyoo tokkuummaaf gatii guddaa kennuu isaati. Kun ragaa barbabacha qabu kan kadhata Gooftaa Iyyasuus nuuf godhe keessatti argamuudha (Yohaannis Boqonnaa 17) kutaa kana keessatti “Isaan tokko akka ta’an” jechuu yeroo shan kadhateera. Wantoonni tarree nuti Waaqayyoo fuuldurattti gochuu qabnu inni jalqabaa “namoonni hundi akka fayyaniiif kadhadhaa” kan jedhuudha (Ximootewoos 1ffaa boqonnaa 2:1-4). Tokkummaan baay’ee mi’aa waan ta’eef kan araara kadhataniis baay’ee mi’aa waan ta’aniis (Waaqayyoo Israa’eel biratti ille waan hin argannef, Isayyaas Boqonnaa 59:16), kanneen lamaan jechuunis tokkummaa fi araarat kadhachuu bakka tokko yoo goote dachaadhaan wanta dinqii ta’e ni uumta. Waaqayyoos baay’ee waan itti gammadeef mi’aa fi jaallatamaa isaaf ta’aaf kan nuti yaannuu fi tilmaamnuun olitti nu eeebbisa. Sababiin lammaaffaan baay’ee salphaadha: jirenya namaa kan to’atu nama humna qabeessa tokko qofatu jira. Namoonni Waaqayyoo hedduu kara humna qabeessa tokkicha kanaa waliin mormuutti yommuu dhufan salphumatti ni mo’ama, sababiin isaas Yohaannis Boqonnaa 4:3-4 irratti “Isa addunya keessa jiru caalaa kan nu waliin jiru ni caala” jedhameera. Kana booddee qabeenya mana keesa jiru fudhachuun salphaa ta’a. Yeroo baay’ee lubbuuwan badan gargaarsa barbaadanii gargaarsa barbaadanii gara keessan ni dhufu. Jimboo bareetineef kan ta’e kanuma ture. Anis isaan dhanan waliin

kadhachuuf waadaan gale. Waggoota lama booddee gaabbii hafuuraa guddaa keessa ta'ee ana barbaacha gara biiroo kootii dhufe. Yeroo sanatti barnoota kana barsiisuun koonfoaransii hafuuraa Arkaansaa irran ture. Kanaafuu anan waan dhabeef daandii fayyinaa barbaacha gara mana lallabaa tokkoo kan waldaa kiristaanaa keenya bira jiruutti deeme fayyuuf ana eeguu hin qabu sababiin isaa yeroo sanatti bakka jirutti fayyuu ni danda'a.

Sababiin sadaffaan of tuulummaan waan dhabamsiifameefidha. Akkuma waaqayyoo galata jaallatu seexanni of tuulummaa jaallata. Kanaafuu namni garraamii ta'ee gargaarsa kadhataa gochuu hanga shaakalutti seexanni yeroo hundumaa haalota ni to'ata. Kanaan wal cinaatti Waaqayyoo illee "warra of tuulaniin ni morma warra gadi of deebisaniif garuu ayyaan ni kenna" (Yaaqob Boqonnaa 4:6). Yeroo garaagaraatti ani dhirsawwan badanii yeroo dhugaa bahuttin niitiwwan waa'ee wanta gaarii kanaa anatti himuu ni eegalu. Of tuulummaan isaanii Waaqayyo fulduratti haala isaa akka fudhatu ishee hin taasisu. Haala nama gaddisiisuun niitiwwan haala akkanaa keessa jiran dhirsa isaanii yoomillee booji'ee hin beeku.

## Boqonnaa 4

### Tarree Gaaaffiiwwan Kadhataa

Baay'een keenya namoonni tokko tokko akka fayyan yeroo kadhannu haala ulfaataatu nu qunnama sababiin isaa nuti kan beeknu "yaa Waaqayyoo ebeluu fa'a fayysi" kan jedhuudha. Gaalee tokkicha kana irra deddeebi'uun akka gowwaatti kadhanna kanarraa kana ka'e yeroo baay'ee nu nuffisisisee kadhatichaaddaan kunna. Haata'u malee kadhanni akkasii wantoota afura of keessa qaba:-nama sana, kan lubbuu bade fayyisu, sagal; ee Waaqayyoo fi si'aayina. Wantoota kanneen irratti tarreen kadhachuu yommuu barannukadhanni araara Keenya qormaataan kan guutamee fi bu'a qabeessa ta'a.

Namoota dhuunfaatiif maqaan yommuu kadhannutti Waaqayyoo jirenya isaatiin wantoota shan akka hojjetu ni gaafanna. Jalqaba Waaqayyo akka isa quqlulleessu ni kadhanna. Yaadni kun nu ajaa'ibsiisuu kan danda'u ta'us Waaqayyo hojii fayyisu jirenya tokkon tokkoon yommuu eeegalu hojii hojjetu kanumadha. Inni namicha fayyisuun dura yeroo hundumaa ni qulqulleessa, adda baasa.

Macaafni Qulqulluun kana ifatti yommuu nu barsiisu Pheexiroos 2ffaa boqonnaa 1:2 akkas jedha "Waaqayyoo Gooftaa keenya Yesuusinis beekuu bira ga'uu keessaniin ayyaanii fi nagaa isiniif haa bayy'atu." Tasalooniqee 2ffaa Boqonnaa 2:13-14 "Hafuiuran qulqulleeffamuuudhaan, dhugichattis amaanuuudhaan

akka fayyitaniif Waaqayyoo warraa jalqabaa godhee waan isin fo'ateef". Waaqayyoo namicha irratti kaayyoo yoo kaa'e jirenya namichaa irratti battalumatti dhibbaa uumuu ni eegala. Kanaafuu nama kana irratti dinqamuun dhiibaa guddaa godha. Waaqayyoo ofii isaatiin jirenya namichaa keessatti yommuu argamutti wantoonni sammuu namaatii ol ta'an raawwachuu eegalu. Kanas dhuma kitaaba kanaa irratti dhuga bahumsawan dhuunfaa yommuu dubbistu hubachuu ni dandeessa.

Dhugaan dinqissssaan kun nuyi warra namoota birootiif kadhannuuf jajajabina guddaa ta'a sababiin isaas abbaa fi Gooftaa oomishichaa kana ta'e Hafuurri qulqulluun yeroo hundumaa nama kana waan argatuuf haala mirkanaa'aa ta'een isatti abdachuu ni dandeensa. Hajii irraa akka ta'e dubbachaa kan ture barataan koolleejji tokko yeroo tokko barreeffama CS Leewisif barreesseen akkas jedhee ibsaa ture: "Kiristaanota tokko tokko kanneen ana waliin ta'anii waa'ee mantii isaanii dhugaa bahaa turan waliinan ture. Wantoonni isaan dubbatan tokko tokko sammuu kootiif boqonnaa hin arganne. Kana irraa kan ka'e wal'aansoo guddaa keessattan dabarse ture. Doktor Leewis maal yaade ture? Leewus isaaf akkas jechuun deebii barreeffamaa isaaf ergeera. 'akka natti fakkaatutti ati goomoo qabiinsaa keessa jirta, Haafuurri Qulqulluu si cinaa jira, jalaa bahuu kan dandeessu natti hin fakkaatu" (Daan, 118).

Gooftaan Iyyasuuus duuka buutonni “oomishicha” akka sassaban yommuu isaan ergetti abboommii ifa ta’e isaaniif kennee ture “jalqaba mana kanaaf nagaa haa ta’u jedhaa” (Luqaas Boqonnaa 10:1-5), yeroo hundumaa wangeelli missiraachoo Waaqayyoo namoota gara qalbii jijiirrachuutti gaggeessa (Roomee Boqonnaa 2:4), Waaqayyoo bilisa baasuun akka isaan eebbisu gaafachuu qabna. Yeroo tokko tokko kadhanni fayyinnaa namoota birootiif kadhannu dafee deebii kan hin fidne yoo ta’e ni jeeqama obsas ni dhabna. Kanaanis Waaqayyoo rakkina erguun akka isaan barsiisu iccitiin yeroon itti kadhannu ni jira. Samaariyaa mandarawwan muraasni Gooftaa fudhachuuf waan didaniif duuka buutonni Waaqayyoo samii irraa ibiddaa ergee akka isaan gubu gaafatanii turan. Haata’u malee isaaniif akkas jedhee ibseef “Hafuura akkamittiin akka gaggeeffamtan hin beektanii? Ilmi namaa jireemya nmaa balleessuu hin dhufne’o” (Luqaas Boqonnaa 9:55-56). Jaallatamaan fayyisaan keenya irra caalaatti akka hoijetu yoo barbaanne yeroo hundumaa ummatichaaf Waaqayyoo gaarii akka godhuuf hawwuu qabna. Namoonni kadhannuuf eebbi addaa Waqayyoo isaan irratti akka ta’u adda goonee gaafachuu qabna.

Sadarkaa sadaffaatti garaa ofii rukutamuun fayyinaaf guutumatti barbaachisaa waan ta’eef Gooftaan namoota akka garaa isaanii rukutu ni gaafanne. Hafuura qulqulluu qofatu

namni tokko gara amanutti fida kanaafuu kadhata keenyaa yaada Yohaannis Boqonnaa 16:8-11 eeruun araara kadhachuu qabna. Garaa isaa akka rukutu gochuu jechuun yaadni bu'uuraa isaa dogoggora isaa akka amanu godhu dha. Rakkinnii yookan dogoggorri guddaan lubbuun bade "Gooftaa Iyyasuusitti amanuu dhabuu" yoo ta'u kun ammo cubbuu hafuurrii qulqulluun garaa isaa akka rukutu (Yohaannis Boqonnaa 16:9).

Namoonni cubbuu isaanii hunda ni beeku garuu cubbuun tokko kan isaan hin beekne Gooftaa Iyyasuusitti amanuu dhabuu isaati. Cubbuun kun qofaa isaatti namoota gara si'oolitti kan gaggeessu waan ta'eef seexanni namoota jaamummaa keessa isaan tursiisa. Hafuurri Qulqulluun dhimma kanaan nama bade fayyisuu akka danda'uuf Iyyasuus ulfina isaatiin ibsuun garaa isaa ni rukuta, ni amansiisa. Asirratti garaa rukutuun raawwatame jechuun fayyinni isaa battalumatti mirkanaa'eera jechuu akka ta'e garuu dagatamuu hin qabu. Phaawuloos Hojii Ergamootaa Boqonnaa 24:25 "inni waa'ee qajeelummaa fi of bituu waa'ee gaafatama cubbuu isa dhufuutis osoo dubbachaa jiruu Feleeksi sodaachuu isaa fi garaa isaa rukutamuu isaa" ni dubbata, haata'u malee fayyina argate jechuuf ilaalchi Macaafa Qulqulluu kamiiyyuu hin jiru.

Itti aansuu Gooftaan sammuu isaa dhugaaf akka banu ni gaafanna. Namni tokko fayyina argachuu akka qabu garaan

isaa rukutamee gara amanuutti erga dhufee booddee sammuu dukkanaan liqimfame wangeela Iyyasuus Kiristoos isa guddaa ta'eef karaa addunyaa dukkanaa hafuuraatiin kan cufame ta'uu ni danda'a ta'a (Qorontos 2ffaa Boqonnaa 4:6). Yeroo tokko sammuu fi laphee dhugaaf kan baname yoo ta'e isaatti wangeela akka himan Waaqayyo kiristaanota ni fayyadama. Xu'aashii Itiyoopbhiyaa dhugaaf barbabacha yoo qabaate, gara Iyyaruusaalem waaqeffannaaf yoo dhufe macaafni harka isaa keessa jiraatu illee "namni na gaggeessu tokkollee osoo hin jiraatin akkamittan hubachuu danda'a" jechuun hubachuu dadhabuu isaa ifatti dubbate. (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 8:26-39).

Seenaan Qarnooleyoos immoo baay'ee dinqisiisaadha (Hojii ergamootaa Boqonnaa 10). Inni nama "Maaatii isaa walin Waaqayyoo kan waaqeffatu fi kan sodaatudha, warra hiyyeessotaaf kan kennuu fi gara Waaqayyoottii kan kadhatuudha" ture. Inni kiristaanota nuti beeknu irraa kan fooyya'e ta'e osoo jiruu nama bade ture. Sababiin isaa daandii fayyinaa hin hubanne waan ta'eef. Karaa ergamaa waaqayyootiin "maal gochuu akka qabu" karaa Pheexiroosin akka ergaan ergamuuf ta'e. Qornelewoos fi warreen waliin jiran hundi wangelaaf baay'ee banaa ta'uu isaanii irraa kan ka'e aakuma sagalicha dhagahaniin osoo pheexiroos lallabaa jiruu

battalumatti Hafuurri Qulqulluun hunda isaanii irratti bu'ee battalumatti fayyan.

Waaqayyo laphee fi sammuu lubbuuwwan badanii akka banu gaafadhaa, inni ni raawata, isaan haala nama dinqisiisuun ni fayyisa! Waaqayyo akka isaan fayyisu wanya fayyinaaf isaan affeeru kamiyyuu akka godhu gaafachuu qabna. Kallaattii jireenyaa jijiiruun kan jireenyaa kan fidu kana qofa. Luqaas Boqonnaa 19: 10 irratti kutaa "Ilmi namaa kan dhufe isa bade barbaaduu fi fayyisuufidha" jedhu irratti Chaafer yaada yoo kenu akkas jedha: "warra badan fayyisuun yaalii irra kan darbu yookan kan caaludha, sababiin isaas isaan hundumaa harka jiru waan ta'eef. Warra hin fayyin gara fayyinaatti akka fiduuf haala barbaachisaa mijeessuun Waaqayyo ni sirreessa (Chaafer, 3-4.

Maatiin Toonii Feentoont inni Gooftaa Iyyasuuusitti akka amanuuf waggoota hedduuf kadhatanii turan. Kadhamni isaaniis hanga Eebla 22,1982'tti akka waan gatii hin qabnee fakakata ture. Guyyaa kanatti garuu inni balaan xayyaaraa irra gahee xiqqumaaf afaan du'aa irraa hafe. Yeroo sanaa eegalee ilaalchi Waaqayyoof qab u ni jijiirame, barri isaa kan hafes salphaa ta'e.

Namni tokko wangeela fudhachuuf kan qophaa'e yoo ta'e namni nama sanaaf dhugaa bahu jiraachuu qaba. Waan ta'eefis wanti guddaan ta'uu qabu Waaqayyoo nama kanaaf

nama wangeela dhugaa bahu akka ergu kadhachuu dha. Dhugumatti kana akka raawwannuu kan Waaqayyoo nu abboomu “Midhaan sassabamu baay’edha, hojjettoonni sassaban garuu muraasa. Egaa hojjettoota warraa midhaan sassaaban itti haa yaafatuuf abbaa midhaanichaa kadhadhaa” (Maatewoos Boqonnaa 9:37-38). Hojjettoonni xiqqoodha jechuun hangaan, lakkofsaan, yeroo, yookan gatiidhaan (qabeen jechootaa Istiroong akka kaa’etti) xiqqoon waan ta’aniif dhimma kanaan gargaarsi Waaqayyoo akka ta’u kadhachuu qabna. Kara isaatti kadhachuu kan qabnu jalqaba hojjettoota baay’ee akka erguufidha. Jechi Giriik “Ikkaabaaloo” :- yaada humnatti fayyadamuu jedhu ibsa (Humna baasuuf, darbachuuuf, daakuuf, ta’u jechuudha).

Waaqayyoo Yoonas gara Nanawweertti deemee sagalicha akka lallabu yommuu ergetti hin deemu jedhee akka rakkise ni yaadattuu? Waaqayyoo akka inni deemuuf kallattiin “isa drqisiisee” ture. Haala walfakkaataa kanaan waldaan kiristaanaa haala mijataa naannoo ishee keessaa baatee yommuu wangeela lallabdutti ishee muudateera. Waaqayyoo baqannaan guddaan akka ta’u heeyyamee ture, “Guyyuma sana waldaa amantootaa Yerusaalem keessa jirtu irratti ari’atamuu gudadatu ka’e ergamoota irraa kan hafe amntoonni hundinuu kutaa biyya Yihudaa fi Samaariyaa keessa bittimfaman (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 8:1). Garuu

“Amantoonni warri bittimfamanii biyya keessa naanna’an dubbicha in lallaban” (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 8:4).

Hojjettooni xiqqoo ta’uu isaanii lakkoofsaan qofa osoo hin taane yeroo fi gatiidhaan xiqqoo waan ta’aniif Gooftaan dandeettii fi bu’aa barbabachisaa ta’e hundumaa akka isaaniif kenu kadhachuu qabna. Gahumsi kun hundi kan dhufu jaallatamaa Hafuura Qulqulluu qofa irraa akka ta’e dagactamuu hin qabu. Saamu’eel Cheewuk akkas jedha “Humni Hafuura Waaqayyoo eenyummaa isaatiin adda miti, Waaqayyoo amaloota isaa hin balleessu, humni isaa kan kireeffamu miti, eenyumma isaa irraa adda bahuu hin danda’u. Inni humna kennaa qofa miti kana eenyumtuu gochuu hin danda’u” (Chaadwuuk, 89).

Gooftaan Iyyasuus duuka buutonni isaa hanga Hafuura Qulqulluun cuuphamanitti Iyyaruusaalem akka turan kan aboomme kanaafidha (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 1:8).

“Hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u humna in godhattu, Yerusaalemitti, Yihudaa hundumatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga baatuiu koo in taatu isaaniin jedhe” (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 1:8).

Hafuura Qulqulluun guutamuu mirga mucummaa keenya (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 2:38-39). Waldaan kiristaanaa akka waliigalaatti waa’ee isaa kan beektu xiqqoodha, sababiin isaas Efesoon Boqonnaa 1:19 “Nuyi warra amanneef humni isa

safara, malee guddaa akka ta'e aangoon isaa inni jabaanis nu gidduutti akka hojjetu akka beektaniif ture" jedha waan ta'eeef! Nuti hundi keenyaa humna Hafuura qulqullutiin guutamuun isa dhaabuu waan hin dandeenyeef lubbuuwwan naannoo keenya jiran gara si'ool deemaa jiru. Kanaafuu Waaqayyoo hojjettoota isaa Hafuuraan akka guutu, humnaan, gahumsaa fi ija jabinaan akka guutu kadhachuu qabna (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 4:31). Ogummaa (Macaafa Fakkeenyaa Boqonnaa 11:30), inaaffaa (Qolaasiyaas Boqonnaa 4:12-13), garraamummaa (Yihudaa Boqonnaa 22-23), ilaalcha Waaqummaa (Ermiyaas Boqonnaa 33:3) akkasumas lubbuuwwan akka fayyan!!!

Namoonni akka fayyan hojjettoonis immoo isaaniif akka dhugaa bahan erga kadhannee booda amma immoo isaaniif sagalee Waaqayyoo akka himamu ni kadhanna. Sababoota isaa bifaa lamaan hubachuun ni danda'ama:- jalqaba eenyumtuu sagalee Waaqayyoo osoo hin dhagahin fayyuu hin danda'u (Roomee Boqonnaa 10:14), lammaffaa seexanni sagalee Waaqayyoo ni jibba. Kana irraa kan ka'e dandeettii fi humnan qabu hundaan yeroo hundumaa namoonni ani beeku sagalicha akka hin dhageenyee fi akka hin fudhanne taasisa. Nama tokko amansiisuuf (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 2:37), bilisa baasuuf (Yohaannis Boqonnaa 8:32), lammaffaa dhalachuu yookan fayyina kennuuf (Pheexiroos 1ffa Boqonnaa 1:23) sagaleen Waaqayyoo humna qaba. seexan balleessuun (Luqaas

Boqonnaa 8:11-15), diiguun (Qoqorontos 2ffaa Boqonnaa 10:4-5) fi gowwomsuun (Qorontos 2ffaa Boqonnaa 11:3-4) humna kana ni morma. Akkuma namoonni hedduun ta'an sagaleen Waaqayyoo seexanaaf akkanuma. Inni ofirraa ittisuu hin danda'u waan ta'eef humna dhabaa isa taasisa. Kanneen booji'aman bilisa baasuun mootummaa isaa ni dadhabsiisa, "Dhugaa ni beektu dhuugaanis birmaduu isin baasa" (Yohaannis Boqonnaa 8:32). Yeroo kanatti yaadamuu kan qabu dhugaa isiniif dubbatame osoo hin taane kan bilisa si baasu dhugaa beekte yookan fudhatteedha. Kanaafuu namoonni dhugaa akka bekaniif waan dandeenyu hundaa godhuu qabna. Duuka buutotaaf fakkeinya nama sanyii facaasuu sana yommuu ibsu seexanni battalumatti dhufee osoo namichi sagalicha hubachuu hin eegalin akka hatu (Maarqos Boqonnaa 4:15) dubbateera. Waa'ee sagalee Waaqayyoo lubbuuwwan badanitti dubbannuu kadhachuu qabna. Sagalicha fayyadamnee Waaqayyoo warreen badan akka jijiiru yoo kadhannu gaaffiwwan garaagaraa shan dhiyeessina. Inni jalqabaa sagalichi bilisa ta'ee gara isaanii akka gahuufidha (Qorontos 2ffaa Boqonnaa 3:1, jecha birootiin yaa'umsa sagalee Waaqayyoo karaa kamiiniyyuu seexannii akka hin dhorkine gochuudha. Inni humna danda'u hundaa dhaabsisuun barbaada, sagalichi akka hin qaqqabne dhorkuu fi balleessuun dabalatatti sagalicha jal'isuu, Macaafa Qulqulluu keenya kan

maxxanfame gubuu, sagalee Waaqayyoo irratti shakkiin akka jiraatu gochuu fi kkf dha. Itti aansuun sagaleen Waaqayyoo akka kabajamu ni kadhanna (Tasalooniqee 2ffaa Boqonnaa 3:1), kunis namoota sagalicha dhagahan biratti siritti akka kabajamu gatiin akka kennamuufidha. Faarfannaa Boqonnaa 138:2 irratti kan barreeffame “Maqaalee hunda irra sagalicha kabajaa” kan jedhu yommuu ilaallu sagalichaaf kabaja addaa haaraa ta’e ni kennina. Ddhugumatti Waaqayyoo ofii isaatiin foon uffatee ibseera. “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura turew, sagalichi Waaqayyo bira ture, sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture, ... sagalichis nama foonii ta’ee nu gidduus buufate” (Yohaannis Boqonnaa 1:1,14). Sagaleen Waaqayyoo akka baay’atu ni kadhanna (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 12:24). Seeera haamuu tokko “Namni harka guutee facaasu harka guutee in galfata” (Qoqorontos 2ffaa Boqonnaa 9:6) kan jedhuudha. Sagaleen Waaqayyoo humnaan akka mul’atuu fi akka hojjetu ni kadhanna (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 19:20). Sanyiin tokko simintoo keessatti awwalamtee guddachuu yoo eegaltu keessa isheetti lubbuun sanyii jiraachuu irra kan ka’e simintoo keessa akkuma ol baatu sagaleen Waaqayyoo laphee keessatti dhabbame akkanuma. Sagaleef kadhachuun kan na gammachiisu sagalichi bu’a qabeessa akka ta’u kan jedhuudha. Hojii Ergamootaa Boqonnaa 14:1 “Akki isaan itti lallaban kophaa ture kanaaf namoonni baay’een warraa Yihudoottaa fi

warra Giriikotaa keessaa amantoota ta'an" jedha. Yaadni Isayyaas Boqonnaa 55:11 irra jiru akka hojii irra oolu kadhachuu qabna: "Dubbiinafaan koo keessa ba'u wanta ani fedhe hojjetee wanta ani itti erges in raawwata malee harka duwwaa gara kootti hin deebi'u." Waaqayyoo sagaleen isaa bu'a qabeessa akka ta'u barbaada. Kanaafuu inni bu'a qabeessa akka godhu kadhadhu sababiin isaas kun heeyyama Waaqummaa isaati kadhata keessan ni deebisa.

Ani waan tokkon isinitti hima Asqorootu Yihudaan nama sagalicha waliin walitti dhiyoo ture, turtii fi walitti dhufeenyen kan qabaachaa tureedha. Garuu du'ee gara si'oolii deemeera. Iyyasuus akkas jedhee ture "Namichi sun sun utuu hin dhalanne ta'ee in wayyaaf ture" (Maarqos Boqonnaa 14:21). Fariisonni bara sanatti abbootii amantaa guddaa garuu sagalicha of tuulummaan kan uffatan turan, Kutaa Macaafa Qulqulluu hedduu ibsuu danda'us mootummaa Waaqayyoo irraa baay'ee kan fagaataniidha. Wanti yaadachuu qabnu tokko namni tokko fayyuu kan danda'u sanyiin laphee isaa keessatti facaafame karaa Hafuura Qulqullutiin yoo si'effamee kakaafameedha kanaaf namoota sagalicha dhagahan biratti bu'a qabeeessa akka taanuuf kadhachuu kan qabnu.

Namoonni hedduun yoo fayyan arguu kan barbaannu yoo ta'e dammaqinaaf kadhachuu qabna. Dammaqina ilaachissee kutaan beekamaa ta'e akkas jedhee jalqaba: "Sabni koo warri

dhuunfaa koo ta'an kun gadi of deebisanii ana barbaaddatanii" (Macaafa Seenaa 2ffaa 7:14), kadhanni iddo kanatti kdhatame kan araara (kadhata namoota birootiif godhatame) dha. Iyyoob hiriyoota isaatiif (Kutaa Ibroota irra jiru keessatti kan ibsame waliin kan walfakkaatu) erga kadhatee booda ture, Waaqayyoo haala isaa kan jijiire (Iyyoob Boqonnaa 42:10). Yeroo dammaqinaatti kadhanni hedduun namoota birootiif kadhachuu kan of keessa qabu miti. Dunkaan Kaampaabel dammaqina yaada "namoonni Waaqayyootti quufanii yoo hafan" jedhu irratti ni ibsa (Ediwaardis Boqonnaa, 26). Namoonni Waaqayyootti yoo quufan ofii isaaniitiif yaaduu irraa namoota birootiif yaadu. Ba'aan Waaqayyoo lubbuuwwaniif qabu kan isaaniiliee ni ta'a. Yeroo dammaqinaatti humnaa fi dhiibbaa uumuu kadhanni qabu Fayiniin maala jedhee akka ibsu haa ilaallu: "yeroo tokkoo ol irra deebiin dubbadheera. Hafuurrii namoota dammaqina uuma kanneen keessa jiran haala isaanii sirriitti agarsiisa. Wanta wal fakkaataa kana kadhataan amantoota haaraa hin bilchaanne irratti raawwatamuu qaba. isaanis yeroo tokko tokko irra deddeebin halkan guutuu hanga qaamni isaanii dadhabutti kadhachuu ni danda'u, kana kan godhan lubbuuwwan hin fayyine kan naannoo isaanii jiraniifidha. Sammuu Kiristaanotaatti humni dhiibbaa hafuuraa guddaan ni jira, innis isaan waliin ta'uun lubbuuwwan badaniif ba'aa ni qooddata. Iddoo hedduu kiristaanoni walitti qabaman irratti haasawa irratti xiyyeffachuu irra jilba isaaniitiin jilbiiffatanii yoo kadhatan yeroo hedduu ni mula'ata. Humni hafuura qulqulluu kan irratti

mul'ate warra kadhannaaf walitti qabaman qofa miti, kadhatawwan dhoksaat ta'an dabalateeti malee! Kiristaanonne kadhata dhimma gudda godhuu qabu, namoonni tokko tokko kadhata dhuunfaa isaaniitiin sa'atii hedduuf turaniiru. Namoota lama yookan sadii ta'uun abdiif fudhataniiru "Isin lamaan keessaa lafarratti kan waliigaltan yoo ta'e akka wan wanta tokko xuquutti abbaan koo inni samiirra jiru isaaniif ni godha. Namoota tokko tokko mata duree kadhataa ni godha, isaanis gatii gudada kaffaluun isaanii dinqisiisaadha. Kallattii hundumaan deebiwwan kadhataa baay'atanii ibsamaniiru. Kanaanis Waaqayyoo guyyaa guyyaan, sa'atii sa'aatiidhaan kadhata akka deebisu amanuu irraa eenyumtuu sababa dhiyeessuu hin danda'u" (Mul'ata Boqonnaa, 141-42). Wantoota waa'ee dammaqinaa barreeffaman dubbisuu namoonni dhibban, kumaatamaan, miliyoontaan lakkaa'aman kan jinjiiraman yeroo dammaqinaatti akka ta'eedha. Joonaataan Ediwardkan hubate Waaqayyoo dammaqina adda durummaan fayyadamuun mootummaa isaa akka babal'isuudha (Ediward Boqonnaa 26). Lubbuuwwan yoo fayyan arguu yoo barbaadde dammaqinaaf kadhadhu!

## **Boqonnaa 5**

### **Lola Hafuuraa**

Yeroo namoota badaniif kadhannu kaatyyoon keenya inni jalqabaa Waaqayyo akka isaan fayyisu amansiisuu miti, Pheexiroos 2ffaa Boqonnaa 3:9 “Inni eenyullee akka badu hin barbaadu” nuun jedha! Cubbuu addunyaa hundaaf akka du’u kan ergite kanaaf waan ta’efef (Yohaannis 1ffaa 2:2). Namoota birootiif kadhachuun lola hafuuraa waan qabuuf dhiibbaa seexanaa jalaa bilisa bahuu gaafata.

Dhugaa hubachuuf haala rakkisaa Macaafni qulqulluun itti jiru kan ibsu ibsa gabaabaa ilaaluu barbaachisa. namoonni badan seexanni akka bilisa bahan heeyyamamaa waan hin taaneef hidhee kan isaan qabe (Isayyaas Boqonnaa 14:17), garboota seera bittaa seexanaa jala jiran (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 26:18), ijoolleen seexanaa (Yohaannis Boqonnaa 8:44). wangelaaf (qorontos 2ffaa Boqonnaa 4:3-4), humna seexanaatiin kan guutaman (Efesoon Boqonnaa 2:2), abdiit dhabuun harka seexanaa keessatti kan qabaman (Yohaannis 1ffaa Boqonna 5:19) akkasumas mana humna qabeessa keessatti kan argamaniidha (Maarqos Boqonnaa 3:27).

Luqqisawwan macaafa qulqulluu xiinxaluun fakkii guutuu isaa guutumatti akka arginu ni gargaaru. Fakkeenyaaf: Efesoon Boqonnaa 2:2 “Yeroo sanantti isin toora biyya lafaa kana duuka buutanii deddeebi’aa aboo qilleensa keessa jiru irratti isa

gooftummaa qabuuf abboomamaa turtan.” Giriikiin “Inargoo” kan jedhu yoo ta’u hiikkaan isaa “humna kennuu” jchuudha. Ilaalchi isaas kallattumaan lubbuuwwan badan hafuura hamaadhaan guutamaniiru kan jedhu ture. Garuu namni bade kana hin hubatu, hin beeku, dhugaadha jedhee fudhachuu hin danda’u. isa kan yaadu bilisa akka ta’etti (jechuunis baduun isaa), hojiin isaa to’annoo hafuura bulchaa qilleensa irra jiruu jala ta’uudha” (Duun 120):

Yohaannis 1ffaa Boqonnaa 5:19 yoo ilaallu “Nuyi kan Waaqayyoo akka taane guutummaan biyya lafaa immoo harka isa hamaa jala akka jiru in beekna”. Addunyaa guutuun (uumamni keessa jiran hundaa dabalatee) dhiibbaa hamaa kana jalatti dadhabbiin kufaniiru jechuudha. “prostrate” jechi dadhabsiise jedhu qabee jechootaa Weebistaar kan afaan Ingiliffaatiin “to’annoo waan tokkoo jala ta’uun fuulleetti bitamummaan kufuu” akka ta’e ni ibsa. Kan armaan olitti ibsame ilaalchisee Joon Istoot addunyaan “to’annoo hamaa jala kan jirtu (kan rafte). Ka’uu fi bilisa bahuuf wal’aansoo kamiyyuu kan taasisne, harka seexanaa irra ciisuu ishee kan hin beeknedha” jedhan (Istoot Boqonnaa 193).

Namoota badan Kiritootsif booji’uun Maarqos Boqonnaa 3:27 kutaalee Macaafa Qulqulluu keessa jiran caalaa baay’ee barbaachisadha jedheen yaada. Kutaa kanatti Iyyasuus mataa isaatiin akka jedha: “Duraan dursee namicha jabaa sana yoo

hidhate malee homtinuu mana nama jabaa tokko cabsee lixee mi'a isaa saamuu hin danda'u erga hidhatee booddee garuu dhuguma mana isaa saamuu in danda'a." Namni bade namni biroo kan dhiibaa seexanaa to'annoo jala ittiin jiru jalaa bilisa isa baasuu yoo jiraate malee kan hin danda'amneedha, hojii bilisa baasuu kan hojii irra oolu kadhataan.

Waraana lubbuutiin wantoonni bu'uuraa gochuu qabnu tokko tokko ni jiru. Kanneen keessaa inni jalqabaa meeshaa lolaa Waaqayyo nuuf qopheessetti fayyadamuudha. Kutaa leenji ioltummaa keessaa hojiin tokko meeshaatti fayyadamuu waan tureef waraana Veetinaam irratti baay'ee na fayyadeera. Anis meeshaa waraanaa M16 jedhamuun muuxannoo baay'ee waanan qabuuf osoo ibsaan hin jiraatin dukkanatti illee hiikuu fi walitti deebisuun nan danda'a ture, meeshaan kun dirree lolaa irratti lubbuu fayyisuuf baay'ee na gargaareera.

Meeshaalee lolaa cimaa yeroo lola hafuuraatti nitti fayyadamnu Waaqayyo nuuf qopheesseera. "Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oo jajjabaa jigsuudhaan Waaqayyoof hojjechuu danda'uudha male mi'a namni foonii ittiin hojjetu miti" (Qorontos 2ffaa Boqonnaa 10:4), rakkoon keenya meeshaa lolaa, lola mataa isaa waliin wal beekumsa kamiiyyuu gochuu dhabuu keenya.

Meeshaalee lolaa keessaanii fi haala itti fayyadama keessan osoo hin beeksisin dura meeshaa waraanaa inni duraa fi guddan kadhata, kadhataan lolla! Obboleessi koo Mikeer Boner

yroo baay'ee kadhanni hundi lola yoo jedhu dhagaheera. Yeroo kadhannutti seexanni akka mo'achaa jiru beekama. Haata'u malee nuti yeroo kadhannutti inni mo'amaa jira humni ittiin kadhata dhaabuu dandeeenyu hin jiru. Waaqayyo "osoo addaan hin kutin akka kadhannu" kan hubachiisu kanumaafidha (Tasalooniqee 1ffaa Boqonnaa 5:17). Ergamoonni osoo addaan hin kutin sababiin isaan kadhataa fi sagalichaaf ofii isaanii kennan kanadha (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 6:4). Meeshaalee lolaa hundumaa jechuunis Taankii, Boombii, Misaa'ela, Kilaashii fi kkf... diina booji'uuf kaayyoo tokkoof oolu, meeshaaleen lola hafuuraa hundi kaayyoo wal fakkaataa raawwachiisuuf faayidaa qabu. meeshaalee waraana hafuuraa baay'ee cimaa ta'aniin wal haa barru, yeroo kadhanna keenya itti haa fayyadamnu.

Dhiigni Kiristoos meeshaa lolaa humna qabeessa keenya keessa isa tokkodha. Mul'ata Boqonnaa 12:11 akkas jedha "Obboloonni keenya immoo dhiiga hoolichaatiin, dubbi isa dhugaa ba'aniinis isaa mo'aniiru, isaan du'atti waan isaan geessu yoo ta'e iyyuu lubbuu isaanii hin mararfanne". Ibroota Boqonnaa 2:14 dhiiga Kiristoos Iyyasuus kadhataan waamuu akkamitti akka humna qabeessa ta'e nutti hima "Du'a isaatiin seexana isa humna du'aa qabu balleessuudhaaf nama ta'e." qabee jechootaa Istiroong afaan Ingiliffatiin jecha akka haqu

jechu “guutumaan guututti dandeettiin ala, gati dhabeessa taasisuu yookan dhabamsiisuu” jechuun hiika.

“Seexanni ilma Waaqayyoo qajeela ta’e yommuu fannisutti ofii isaa balleesse. Inni ilmaan namootaa sera gataniiru jechuun sababooni himanna dhiyeessu hundi kufaatii Addaam irraa eegalee haqamaniiru. Fannoona akka seexanni eenyurrattuu akkasumas wanta kamirrattuu aangoo akka hin qabaanne godheera. Aangoo amma inni gowwomsuu fi waliin dhahuun hojjetu jechuudha” (Bilheemiyer 31).

Dhiiga Gooftaa Iyyasuus yommuu waamnutti seexannii fi raayyaan isaa hundi kan mo’aman ta’uu isaanii nu yaadachiisa, falmii lubbuuwwan fayyisuuf goonuf kun baay’ee barbaachisaadha. Dhiigni Kiristoos inni fannoo irratti dhangala’e idaa ilmaan namootaa hundumaa kaffaleera (Yohaannis 1ffa Boqonnaa 2:2). Lubbuuwwan amma seexana harka jiran dursanii isa harka waan jiraniif malee kan isaatii miti, nuti akka isaan bakka itti badan irraa deebi’an gahee keenya hin baane. Meeshaan lolaa biroo inni guddaan maqaa Iyyasuusiti. Gooftaan Iyyasuus duuka buutonni bakka itti ergamanii yoo deebi’an gammadanii “Yaa Gooftaa maqaa keetiin yommuu isaan abboomne hafuuronni hamoonni iyyuu nuuf abboomaman” (Luqaas Boqonnaa 10:17) jedhee ture, har’as nuuf akkasuma kan bitamaniidha.

Addunyaa hafuuraatiin Maqaan Iyyasuus Kiristoos maaliif akka humna qabeessa ta'e kan agarsiisan sababoonni Macaafa Quqlulluu sadi ni jiru. Jalqaba inni uumaan uumama hundumaa irratti Gooftaadha. "Kiristoos bifaa Waaqayyo inni ijan hin argamne ittiin namatti mul'atuudha .... Wanti ijaan argamuu fi wanti ijaan hin argamne warri teesota irra taa'anii fi warrii mootummaa qaban, warri bantii waaqaa keessaa mootummaa fi aboo qabu jedhamanii soodaataman isaan uumaman waan ta'eeef uumama hundumaa dura dhalate" (Qolaasiyaas Boqonnaa 1:15-16). Sadarkaa lammaaffaa du'a fannoo isaatiin Gooftaadha. "Ijoolleen kun foonii fi dhiiga akkuma ta'an du'a isaatiin seexana isa humna du'aa qabu balleessuudhaaf nama ta'e. Warra du'a sodaachuudhaan bara isaanii guutuu garbummaa jala jiraatan hundumaa birmaduu baase" (Ibroota Boqonnaa 2:14-15). Inni du'a mo'ee ka'uu isaatiin Gooftaadha. "Inni du'aa ka'e sun gara Waaqaatti ol ba'ee gara mirga Waaqayyoo jira, ergamoонни Waaqayyoo warri aboo qabu jedhamanii soodaataman humnoonnis harkla isaa jala jiru" (Pheexiroos 1ffaa Boqonnaa 3:22). Lubbuuwwan badan akka bilisa bahanii fi isa araara kadhachuu akka qabnu gooftaan Iyyasuus abboommii nu abboomee kallattiin waan abboomamnuuf hafuuronni hamoon isaan qabatan abboomamuu qabu sababiin isaas oisaan maqaa isaatiif ni bitamu.

Sagaleen Waaqayyoo meeshaa lolaa kadhaataan itti fayyadamnu kan biroot. Kanaan dura akkuma agarre sagalicha fayyadamuun yookan dubbachuun baay'ee bu'a qabeessadha. Sagaleen Waaqayyoo "Billaa Hafuuraa" jedhameera (Efesoon qoqonnaa 6:17).

Seexanni humna isaa fi aangoo isaa guutumaan guututti fannoo irratti waan dhabeef (qolaasiyaas Boqonnaa 2:15, Ibrroota Boqonnaa 2:14) kian inni godhu hundi sobadha. Sobaan "Addunyaa guutuu gowwomsuu" (Mul'ata Boqonnaa 12:9) akkamitti akka hojjetu siritti beeka. Sgaleen Waaqayyoo "dhugaa" dha, dhugaan yeroo hundumaa sobva ni mo'ata. Yeroo kadhata lola hafuuraatti yeroo hundumaa sagalicha osoo fayyadamne ni moona, lubbuwwan bilisa bahu! Galanni meeshaa lolaa humnaan guutame kan birooti. Waaqayyoo galateeffachuu yommuu eegallu Waaqayyoo ofii isaatiin gara haalotaa ni dhufa (Faarfanna Boqonnaa 22:3), yeroo waraanaatti "ajkaja waraanaa" iddo hundumatti argachuun akkamitti nama gammachiisaa! Humni galataa fakkeenya gaarii dhuga bahumsaa akka ta'e Macaafa Seenaa baraa 2ffaa Boqonnaa 20 irratti ibsameeraa. Yihudaan waraana walta'e kan biyyoota garaagaraa irraa dhufaniin marfamtee turte, haalichi baay'ee ulfaataa ta'uu isaa kan ka'e Mootin Iyyoosaafix "Yihudaan Hundi akka soomuu fi akka kadhatu" waamee ture. "Isaan faarfannaadhaan galateeffachuu yommuu jalqaban

Waaqayyo immoo Yihudoota loluu warra dhufan warra Amoon, warra Mo'aabii fi warra tulluu Se'iiritti warra riphanii eegan kaasee akka isaan rukutaman in godhe" (Lakk. 22).

Wal'aansoo lubbuuwwaniif goonuun galanni hangam akka humna qabu hedduun keenya hubannoo hin qabnu. Tarii nuti kanaaf humna dinqisiisaa hin fayyadamin ta'aa? Joon Haayid gaaffii lubbuuwwaniif dhiyeessuun gahee galataa guddaa ta'e Firaansiis Maakgoog akkamitti akka qoodu haa ilaallu. "Joon anatti yoo himu nan yaadadha ture, akkuma inni jedhe guyyoota sana keessa tokkootti arfan isaanii osoo dhufuu baatanii miirrii iraa deebii poozatiivaa argachuu ni rakkata, nyaachuu fi rafuu hin danda'u ture Gufduun eebbaa maal akka ta'e akka itrti agarsiisu Gooftaa ni gaafate. Haala nama dinqisiisuun lubbuu isaatiin fedhiin galataa akka jiru ni hubate. Sagalee Waaqayyootiin yeroo dhibba hedduu irra deddeebiin kan himame abboomin kun (galata) dhugumaatti barbaachisaadha. Kanaanis inni cubbuu isaa himatee humna dhiiga isaatiin dhiifama fudhate. Akkuma kennaa Waaqayyoo kamiiyuu hafuura galataa fudhachuuf ni gaafate. Ayyan Kiristoos isa mul'ateen eenyummaa isaa yommuu jijiiru gaddi isaas zayita gamamchuu Kiristoosin, hafuura ulfinaatiin wayyaa galataa (Faarfanna Hoolichaa: waa'ee aaqayyoo raawwachuuuf ta'uutiif isa galateeffadhaa) yoo galateeffatu lubbuuwwan gara

isaatti akka dhufan, lakkooftsonni hanqatan akka guutan ta'e" (Keer, 39).

Soomni meeshaa gudada isa biroo ta'us nuti kan itti fayyadamne muraasa. Meeshaa lolaan itti fayyadamuu qabnu keessaa "humni guddaan kan jiru" kadhaatani, soomni yoo xiqlaate humna kadhataa dacha kudhan akka dabalu ni taasisa. Kaayyoon lola keenyaa diina mo'udha, soomni lolicha haala bu'a qabeessa ta'een akka xumuruu taasisa. Isayyaas Boqonnaa 58:6 "Soomni ani fo'adhe warra firdii jal'aadhaan hidhame hiikuu, hudhaa wanjoo itti furuu, warra cunqurfaman luba baasuu, wanjoo hundumaas isaan irraa caccabsuu mitii ree?" jedha. Yeroo tokkotti duuka buutonni mucaa xiqqqoo irraa seexana baasuu yeroo dadhabanitti lyyasuus akkas jedhee isaanitti dubbate "Inni akkasii kun kadhataan soomudhaanis malee waan biraatiin ba'uun hin danda'u" (Maarqos Boqonnaa 9:29).

Meeshaan lolaa biroo yeroo lola hafuuraatti hojii irra oolu jaalala dha. Gooftaa eenyummaa isaa guutuu waliin kan fuudhu, lubbuuwwan badan akka ofii isaatti kan jaallatu eenyumtuu isa dhaabuu hin danda'u. Mul'ata Boqonnaa 12:11 "Obboloonni keenya immoo dhiiga hoolichaatiin, dubbi isa dhugaa ba'aniinis isaa mo'aniiru, isaan du'atti waan isaan geessu yoo ta'e iyyuu lubbuu isaanii hin mararfanne" jedha.

Nama tokko hanga dhumaatti kan jaallattu yoo ta'e namni kun kara si'oolii akka hin deemne gatii nama kaffalchiisu hundumaa ni kaffalta. Dhugumaaf yoo ta'e jaalalli hin yoomiyuu hin kufu. "Jaalalli karaa tokko illee nama hin lafafu, hunduma isaa in amana, hunduma isaa in abdata, hunduma isaas obsa, jaalalli yoom iyyuu hin badu," (Qorontos 1ffaa Boqonnaa 13:7-8)

Meeshaa lolaa Waaqyyo nuuf kenu fayyadam, nee yommuu kadhannutti maaltu ta'aa? Qorontos 2ffaa Boqonnaa 10:4-5 akkas jedha "Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oo jajjabaa jigsuudhaan Waaqayyoof hojjechuu danda'uudha male mi'a namni foonii ittiin hojjetu miti yaada amansiisa hin qabne isa nama wallaalchisuuf qophaa'es in diigna. Waanuma ogummaa Waaqayyoo gufachiisuudhaaf dura dhaabatu hundumaa diignee yaada namootaa Kiristoosif abboomsisuudhaaf in boojina".

Meeshaaleen kadhataaf itti fayyadaamnu humna guiddaa dura dhaabachuu fi gara gaditti harkisuun kuffisuuf, ilaalcha booji'uu fi xiyyeffannoo hawwachuuf ni fayyada. Sammuun namaa wantoota sagalee fi tola Waaqayyootiin morman of keessaa qaba. Sammuu dirree lolaa ta'uu isaa battalumatti ni hubanna, dhimmi hojmaata, ilaalchaa fi yaada sammuu waliin kan ta'uuf kanaafidha.

Kana hubachuun nuuf baay'ee faayida qabeessa, sababiin isaas wanti sammuu to'ate hundi eenyummaa namaa

hundumaa ni to'aata. Seexanni sammuu nama hin fayyinee to'achuu yoo danda'e namichi fayyuu akka hion dandeenye isa to'ata jechuudha. Kana gochuuf karaan addaa inni itti fayyadamu namichi akka dhugaa wangeelaa hin hubanne jaamsudha. Namni sammuu sirrii qabu kamiifyuu yeroo kamittuu seexana irra lyyasuus si'ool irra mootummaa samii filata. Seexanni leegeeyoon namnicha Gergesoonaa qabate sana keessaa yommuu bahu wanta ofii isaatiif sirrii ta'ee filachuu fi yaaduu danda'eera, lyyasuus filachuusin hojjetaa wangeelaa cimaa isaa ta'eera (Maarqos Booqonnaa 5:15-20).

"Ilmni namaa uumama bilisaati, eenyuummaa isa moofaa fayyadamuuf fedhii bilisa ta'e qaba. Ta'us lafa irartti garba hunda caalu ta'ee bitameera, cubbuu fi of jaallattummaatti dabarfamee kennname. Galmi kadhata keenya tola isaa dshiibuu osoo hin taane, kunis gobaa ija isaa keessa jiru baasuun ilaalcha isaa akka sirreessuutti lakka'amu. Namni yeroo tokko bilisa yoo ta'e siritti ilaaluu yoo eegale wanti kamiifyuu dhiibaa osoo irratti hin godhin nama madaalawaa fedha isaa filatu ta'a. Kadhanni keenya "hamaa irraa akka isa oolchu, lyyasuus diina irratti boojuu gonfachuun hojji fayyisuu isaa akka mul'atuuf ta'uu qaba. Shakkii tokko malee kadhata akkanaatiin fayyina laphee keenya keessa jiru mirkaneessuu ni dandeenya. Kadhanni maqaa lyyasuus Kiristoosin godhamu heeyyama namichaa kan dirree lolaa diinaa ta'e irraa bilisa

baasuun wanta sirrii akka inni filatu taasisa” (Gooroon,192-194).

Waaqayyo kadhata Keenya humna seexanaa gadi qabuuf akka itti fayyadamu hubachuu qabna. Seexanni humna isaa akkamitti akka jirenya namootaatiin irraa hambisu fi akka itti fayyadamu haa ilaallu. Humna kamiiyuu calaa kan caalu amanuu dhabuudha, humna guddaa lubbuuwwan fayyanii fi hin fayyine gidduu jiruudha. Amanaan kiristaana ta'e mootumama Waaqayyoo keessatti akka jabaatuu fi bu'a qabeessa akka ta'u kan taasisu dhugaa dhugaa sagalee Waaqayyooti. Seexanni karoora namni hin fayyine fayyisuu Gooftaa Iyyasuuusitti akka hin amanne godhu qaba.

Amanuu dhabuun cubbuu addaa nama tokko gara si'oolitti fudhatu hanga ta'etti seexanni akka wanta gatii hin qabneetti lakkaa'uun wantoota birootiin walqabsiisuun cimsee ni qaba. Sammuun tola fi sagalee Waaqayyootiin mormu kamiiyuu kana hojii irra ni oolcha. Gaggeessan dureessi gara Iyyasuuusitti dhufee gara mootummaa Waaqayyooti akkamitti galuun akka danda'amu yeroo gaafatetti Iyyasuuus akkamitin akka gara mootummaa Waaqayyoo galuun danda'amu gonkuma hin dubbanne. Kanarra qabeenya isaa warren hiyyeessaaf akka



qoodu itti dubbatee ture. Abbaan qabeenya dargaggeessa ta'e kun garuu kana gochuuf heeyyamamaa osoo hin ta'in hafee bu'aa tokko malee kisaaraan deebi'eera. Iyyasuus sassanni laphee fi sammuu isaa akka to'ate ni beeka ture, kunis fayyuu irraa isa dhorke. Kun irraa hanga hin cabnetti wangeelli bu'a qabeessa ta'uu hin danda'u (Maarqos Boqonnaa 10).



Dubartii Samaariyaa amanuu irraa kan ittisu wanti guddaan hawwii addunyaaati. Iyyasuus waliin dhimmoota hawaasummaa fi diinagdee irratti mari'attus waa'ee lubbuu waan tokkollee hin kaasne. Iyyasuus kallaattumaan isheen si'ashan akka heerumteee fi immoo dhiira waliin akka jirtu yommuu ibsu xiyyeffannoo ishee hunda hawwate. Haala kanaa wanti guddaan ishee hiodhe ni rukutame, fayyina dinqisiisaa ta'es ni argatte (Yohaannis Boqonnaa 4). Seexanni yeroo hundumaa dhugaa jaalala Waaqayyoo daangessuu fi akka fudhatama hin qabaanne gochuuf kan itti fayyadamu hadhaa'ummaadha. Fakkeenaaf: dubartiin takka amma miidhaan saalqunnamtii osoo irra gahee, yeroo muraasa booddee immoo namni tokko wangeela osoo isheetti lallabee ergichi hadhaa'ummaa laphee ishee keessa jiru darbee hin seenu. Jaala Waaqayyoo fi oduu gammachiisaa

fudhachuu akka dandeessu wanti guddaan keessa isheetti hdorku kadhanaan ka'uu qabua.

Namoota sagaagalummaa saala walfakkaataatiin qabaman Kiristoosif booji'uun ulfaataadha. Waaqayyo isaaniif jaalala waan hin qabneef, wangeelli humni waan isa hanqateef, yookan namoonni isaaniif waan hin dhimmineef miti. Garuu kana cabsuuf kadhata guddaa, sooma, cimina, amantii fi kan kana fakkaatan gaafata. Ta'us yeroo baay'ee boojuu argachuu keenyaan dura baay'ee abdii kutanna.

Guyyaa tokkoo yommuun nama tokkoof kadhadhutti namni kun maaliif wangeela akka hin fudhanne akka naaf ibsu Gooftaa nan gaafadhe. Gooftaanis sagalee "to'annoo" sammuu koo keessa guute kana gnkumaa hin hubanne ture. Garuu isa caalaatti hubachaa akkuman deemeen wantoonni naannoo isaa jiru akka dallaa sibiilaatti akka isa to'atan hubadheera. Jechi to'annoo jedhu jirenya nama kanaatti Gooftaan akka hin galle sababa ta'uu nan hubadhe. Namni Gooftaan fayyuuf gadi of deebisu qaba.

Kaayyoon Macaafa kanaa waa'ee wantoota dhorkanii gadi fageenyaan heeyyamuu baatus araadawwan garaagaraa jechuunis namoota warreen araada baala mataa nama hadoochuu fi dhugaatii alkoolii keessa jiraniif kadhatanitti xiqqoo dubbachuun barbaada. Araadni kun golga dhugaa qadaadee qabe qofa. Rakkinni guddaan yeroo hundumaa

gaaffii eenyummaa kan eenyummaa ofii keessa dhokate irraa ka'uu yoo ta'u dhoiibamuu, miidhama yookan gadda guddaa of keessa qabaachuu ni danda'a. araadni baka wantoonni kunneeen hundi itti dhokatan golgaman godha. Kanaafuu Gooftaan mo'icha akka nuuf kennu hidda guddaa dhimmichaa akka nutti agarsiisuu kadhachuu qabna.

Namichi Edii Ismiiz jedhamu dubatii gorsa barbaaddu takka akkamitti akka gargaaru yoo yaadu Waaqayyoo haalai isheen keessa jirtu akka isa beeksisu ni gaafata ture. Waaqayyoo Ediidhaan waa'ee "shubbisa lixa biyyattii" akka ishee gaafatu isatti hime. Innis yeroo ishe gafatutti ajaa'ibsiifamuun imimmaniiin guutamtee iyyaa "waa'ee kana maaltu sitti hime" jetteen, umriin ishee wagga 15 yommuu ta'etti mana shubbisa lixaa akka waliin deeemtu itti himte. Mana barnoota dilbataa sanattis roga tokko iddo dukkanaa'aa irra taa'uun yommuu raafamu agarte. Sana boodda iddo sana ta'uun Waaqayyoof dugda ishee kennitee akkas isaan jette "Kiristaanummaa jechuun walumaagalatti kana jechuu erga ta'ee ofii keetiif fudhadhu". Ediif akkas jettee itti himte "yeroo sana irraa egalee jireenyi koo si'oolii jiraataa ta'e, anis abdii kutachuun fayyadamtuu alkoolii fi qoricha seeeran alaan ta'e. irra deddeebiin gaa'ilawwan garaagaraa raawwadheera walumaagalatti nama bitaan isheetti galen ta'e. Ediin rakkoo bu'uiuraa ishee waan beekef gara Waaqayyootti kadhata

dhiyeessuun Waaqayyo hidha irraa bilisa ishee baase (Ismiiz Boqonnaa, 71-73).

Seexanni wantoota namoonni gara mantiittii akka hin dhufne godhan dhibba tokkoo ol ni fayyadama jedheen yaada. Dhugaan bu'uuraa hubachuu qabnu yoo jiraate tokkoon tokkoon nama Gooftaa hin amaninii duuba sababa cimaa wangeela akka hin amannee fi hin fudhanne godhutu jira. Namnichi cubbuu hedduun qabamus lolli cubbuuwwan hedduu kessa tokko irrattidha. Meeshaan isaa yommuu barbadaa'etti mo'amaa ta'etu fayyinaaf qophaa'a. (Luqaas Boqonnaa 11:21-22).

Adeemsa lubbuuwwan fayyisuu keessatti addunyaa lola hafuuraa keessatti wanti faayida qabeessi biroo aangoo Kiristoosin arganne itti fayyadamuun. Inni aangoo dinqisiisaa nuuf kenneera (Maatewoos Boqonnaa 16:19). "Akkuma poolisiin tiraafikaa aangoo isaaf kennameen daandii irra ta'ee konkolaattota ajaju akkasuma amanaan lubbuuwwan bittaa seexanaa keessa ta'anii hidhaan jiraniif kadhachuu fi akka bilisa bahan gochuu ni danda'u. Humna dhiiga Iyyasuus Kiristoosin humni dukkanaa ni caba, humna Kiristoosin qabnu yoo fayyadamnu eenyumtuu nu dhaabuu hin danda'u. Waaqayyo meeshaa humna isaa ittiin fayyadamnu ni godheera. Amantiin aangoo kana fudhannee mormii osoo hin sodaatin cimnee haa

dhaabbannu. Inni nuun ta'ee wantoota nuti hin eegne hundumaa ni raawwata” (Eppippii, 108-110) ::

Karaa seerummaatiin lubbuun hundi kan Iyyasuusi, inni cubbamtoota hundaaf fannoo irratti gatii kaffaleera (Yohaannis 1ffa Boqonnaa 2:2). Seexanni haala seera alaan guutameen namoonni bittaa isaa keessa akka turan ni taasisa isa gadi lakkisuufis heeyyamamaa miti. Nuti humna qabnu hunda hanga fayyadamnutti seexanni dukkana hafuura keessa akka turan taasisa. Humna nuuf kenname dhiiga Kiristoosin fayyadamnee hatattamaan gadi lakkisiisuu qabna.

Iyyasuus Kiristoos hundumaaf gatii guutuu ta'e waan kaffaleef lubbuun takakallee gara si'oolii akka deemtu hin barbaadu. Lubbuun kamiiyuu gara si'oolii akka deemtu sababa kan ta'u aangoo keenya fayyadamne hidhaa cimaa irraa namoota bilisa baasuun gara fayyinaatti isaan gesuu dhabuu Kenya.

Jeneraalli waraanaa Joonaataan Weyinraayiti yakkamtoota waraanaa biroo waliin ta'uun iddoor bishaanin marfamte jirtu kan Foormoosaa jhamtu ture. Lolli xumuramus ajajaan Jaappaan ergaa kamiiyuu hin geessine, isaan hin hiikne. Xayaarri waraanaa oduu gammachiisaa mo'ichaa qabattee dhufuun iddoor bishaaniin marfamte kanarra qubatte. Yeroo kanatti Jeneraal Weyinraat ajajaa Jaappaanin akkas jdhe “ajajaan waraanaa koo ajajaa waraanaa kee mo'ateera”. Nuti nama cubbamaaf (seexana hamaa jirenya namaa kessa jiruuf)

“ajajaan waraanaa koo ajajaa waraanaa kee mo’ateera” jechuu qabna. Hidhaa seerummaa hin qabne irra namoota hiikuu, bilisa baasuu qabna.

Dhuma iirrattis garuu wanti baay’ee barbaachisaa ta’e lubbuuwwaniif yoo kadhannu osoo addaan hin kutin hafoora hamaa dura dhaabbachuudha. Meshaalee waraanaa akka hidhannuuf Waaqayyoon abboomamneerra (Efesoon Boqonnaa 6:10-18) kanaanis “Tooftaa lolaa ni diinaa mormina guyyaa hamaattis dura dhaabbachuu ni dandeenye. Dhimma fayyina lubbuu irratti xiyyeffannoo yoo kennine seexanni nuti abdii kunnee akka dhaabnu namoota nuti kadhannuufis ta’ee jirenya keenya irratti haalota ulfaataa uuma. kanaaf dhirsi niitiin kadhattuuf yookan ilmi haati kadhattuuf fooyya’uu irra itti caalaa manca’aa adeema. Seexanni isaan kadhata isaanii akka dhaaban barbaada sababaiin isaas inni abdii namoota irratti qabu dhabaa jira waan ta’eef.

Kanaafuu seexanaan mormuu jechuun haalonnii fi wantoonni badaa tatataffii kadhataa taasistu akka dhaabdu akka si hin taasisnee gochuu jechuudha. Wanti tokko ibidda kan ittisuudha jechuun ibiddaan miidhamuunis akka jiru agarsiisa. Akkasumas kan bishaan isa hin moonedha jechuun bishaan isa hin xuqu jechuu miti. Kanaafuu seexaxa hifachuu jechuun wanti inni godhu maalis ta’u maalis si homaa singodhu ati lubbuuwwan fayyanifiif kadhata itti fufta.

Fayuu lubbuutiif seexana hifachuun fakkeenya guddaa kan ta'u dhuga bahumsa Chaarlas Bilaanchaard kan armaan gadii keessatti argama. Inni pireeezidaantii Huneetan ta'uun waggoota afurtamii sadiif tajaajileera. Innis wantoonni dhugaa ta'uu isaanii agarsiisuuf Waaqayyoo irraa wantoota fudhachuu kitaaba (Geetingi Tiingis firoom Gaad) irratti akkas jechuun barreesseera.

Firoota koo wagga lamaaf walakkaa yookan sadeen har'aa dura Hospitaala Fileedeelfiyaa keessan ture. Anis daandiiwwan Pelselvaaniyaatti mahaandisan ture. Niitii naafa kadhattu qabaadhullee ani garuu bara koo guutuu cubbamaa ta'een ture. Yeroo kanatti anis dhukkubsadhe akka wanta waa'ee hin baasnee nan ta'e, gatii kootis akka waan paawondii dhibba tokkoo gadi ta'eetti natti dhagahame.

Dhuma irrarttis doktorri ana hordofaaa ture haadha manaa kootti inni du'eera jedhee itti hime, haata'u malee akkas jette "lakki inni hin dune, du'uus hin danda'u. Ani isaaf waggoota digdamii torba guutuu kadhadheera, Waaqayyo immoo inni akka fayyu abdii naaf kenneera. Kanaafuu ani waggoota digdamii torbaaf ergan kadhadhee fi abdii erga naaf kennee booddee osoo hin fayyin ni du'ee ni yaaddaa? Doktorris gaaridha "ani waa'ee ati dubbattu baay'ee hin beeku garuu inni akka du'e nan beeka" jedhe. Sana booda doktorichi golgaa warraa lubbuun jiran kan du'an irraa adda baasu ni cufe.

Haati manaa koos amanuu akka dandeessu hakimoonni biroo torba ta'an dabaree dabareen dhufanii wantoota du'uu isaa mirkaneesson ibsuun yaada hakimni duraa dubbate irra deebi'uun dubbatan. Kanaafuu doktoroonti torbanuu akkan ani du'e dubbatan. Yeroo kanatti garuu haati mana koo iddo ciismaa koo cinaa jilbiiffachuu akkan ani hin du'in yaadaa turte. Kan yaaddus ani osoon kan du'e ta'ee illee innii gara jireenyaaatti akka na deebisu sababiin isaas ani osoon hin du'in akkan fayyu inni isheedhaaf waadaa galeefii ture jtteeti. Isheenis kan jilbiiffattee turte darbii hospitaalaa rakkisaa ta'e irratti waan ta'eef dadhabdee naannoo jilba isheetti mirri dhukkubaa isheetti dhagahamuu eegale. Isheenis narsiin boraatii akka isheef knnitu gaafattee boraatiin erga dhufee booddee isheerraaj fuutee irra jilbiiffatte.

Sa'aatii tokko, sa'aatii lama, sa'aatii sadii darbe. Golgaan ammas siree cinaaa jira. Anis achumatti siree irratti akka nama du'ee ta'ee ciiseera. Shan, jaha, torba jechaa sa'aaatii kudha sadii darbeera kunis kan ta'ee osoo haati mana koo siree cinaatti jilbiiffattee jirtuuti. Yeroo kanatti akka isheen deemtu namoonni yoo isheetti himan akkas jette "hin ta'u inni fayyu qaba. Inni osoo du'eyyuu Waaqayyoo isa ni kaasa. Inni hin dune, inni hanga osoo hin fayyine du'uu hin danda'u.

Sa'aatii kudha sadii booddee ani ija koo nan banadhe isheen akaks jette "jaallatamaa koo maal barbaadda? Anis "gara

manaatti deemuun barbaada” jedhe. Isheenis “gara manaatti deemuu qabda” jette. Yeroo kanatti wanta isheen guute hundumaa ilaaluun doktoroonni rifaatuun harka isaanii kaasuun “maaliif? Adeemuun isa aijeesa, kunis lubbuu balleessuudha” jedhe. Isheen garuu “isin dabaree keessan xumurtanii jirtu, isin inni du’eera gaheera jettanii jirtu, kanaafuu ani gara manaatti nan fudhadha” jette.

Ani amma ulfaatina Paawondii 246 qaba. Ammas daandiiwwan Peensivalaa irratti saffisaan fiigaa shaakala nan godha. Ani yeroo gabaabaaf naannoo Minispoolis jedhamutti boqonnaa xiqqoof yommuun deemetti wanta Iyyasuus gochuu danda’u himaan ture. Har’as immoo Iyyasuus isiniif maal akka godhu dubbachuu kootiin nan gammadaa. (Bilaanchaard 94-95)

Kadhanni fayyina lubbuuwwaniitiif taasifamu kan hin deebifamneef sababoota lama qofatu jira. Kunis namni kadhatu cubuu keessa jira yookan yookan hin amanu yookan seexanni deebin akka hin dhufne ni dhorka. Kanaafuu jireenyi keessa Waqqayyo fuulduratti sirrii yoo ta’e (Yohaannis Boqonnaa 15:7), kadhataan kan itti nfufutu yoo ta’e deebiin ni dhufa, seexannis jabaa ta’ee itti fufuu hin danda’u, kanaafuu kadhata lolaa kee ho’isi.

Yeroo lolaatti karoora baasuun dirqama. Loltoonni callisanii gara wantoota garaagaraatti dhukaasaa garuma barbaadan hunduma hin deeman. Lola hafuuraa lubbuuwwaniif

taasifamuunis wantichi akkanuma tooftaa nu barbabachisa. Mee wantoota baay'ee faayida qabeessa ta'ee isiniifan kenna. Kiristaanota hundumaaf tooftaan inni dhumaaf ofii isaanii kadhataaf kennuudha. Kanuma waldaa kiristaan durii gootee jirti "isaan kun hundinuu yaada tokkoon kadhataaf of kennanii turan" (Hojii Ergamootaa Boqnnaa 1:14) haala nama dinqisiisuun bu'aan isaa - "guyyaa sanatti lubbuuwwan kuma sad i ta'an itti dabalaman" (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 2:41) akkasumas "Warra sagalicha dhaga'an keessa baay'een isaanii in amanan lakkooftsi amantootaa kan dhiirotaa duwwaan iyyuu akka kuma shanii ga'e" (Hojii Ergamootaa Boqnnaa 4:4)

Walga'ii kadhataa birootiin "Isaan kadhata afaanii fixuunii fi iddoon isaan itti walitti qabaman socho'uun wal faana ta'e Hundumti isaaniis Hafuura Qulqulluudhaan guutamanii dubbii waaqayyoo ija jabummaadhaan dubbachaa turan" (Hojii Ergamootaa Boqnnaa 4:31) Dabalataanis lubbuuwwan yommuu dabalan "dhiironnii fi dubartoonni hedduun" (Hojii Ergamootaa Boqnnaa 5:14), "lakkooftsi ergamootaa lyyaruusaalemitti ni baay'ate" (Hojii Ergamootaa Boqonnaa 6:7), Namooni Lidaa fi bakkee Saaron keessa jiraatan hundinuu immoo namicha arganii gara gooftatti deebi'an" (Hojii Ergamootaa Boqnnaa 9:35). Akkasumas kutaaleen hewdduun biroo macaafa hojii ergamootaa kana keessatti gocha akkanaa kan ibsaniidha. Walfakkeenya kadhataa waldaa kiristaanaa

durii raawwacha turte kana osoo hordofanii sochii wangeela irratti bu'aan ni argama.

Toofaan biroo baay'ee gaarii ta'ee fi bu'a qabeessa ta'e garee kadhataa hundeessuudha. Kanaafis gaarii kan ta'u waldaalee kiristaanaa hedduu kan jiruu fi yeroo yeroon kan deeman mana barnoota dilbataa yookan tokkummaawwan manaati. Isaanis osoo addaan hin kutin carraaqanii lubbuuwwan badaniif hanga gara Kiristoos dhufanitti kadhachuu ni danda'u.

Aveeniilii Kiristaansan kadhanni sadiiinii bu'a qabeessa garuu kadhataawan osoo tamsaasni wangeelaa hin adeemsifamin dura godhaman keessaa isa salphaa akka ta'e ni dubbatti. Kunis maali kadhata kiristaanonni sadi tola ooltummaan turban torbaniin lubbuuwwan hin fayyin sagaliif kadhataniidha. Isheen akak ibsitutti kadhannin bu'a qabeessi akkasii kan mul'ate Bilgirahaam kiruuseediwwan lama kan biyya Ingiliizitti godhe irratti bu'aa mul'ateenidha. "Kadhataa sadiiinii bilgirahaam Bara 1984 hanga kiruuseedii biyyaa Ingiliizitti godhaaniitti bu'aa gaarii kan agarsiisedha. Namoonni kuma sagaltama ta'an kadhata sadiiin walitti hidhamuun osoo kiruuseediin hin godhamanin duratti ni kadhatu turan. Tokkoon tokkoon Kiristaanonni sadeen tokkoon tokkoon namootaa gooftaa hin beekne namoota sadi sadi ni filatu turan. Sanan booddee bara itti aanu osoo koonfaransii hinn godhamin duratti wagaga guutuu turban torbaniin wal arguun namoota sadan sanaaf

gooftaa akka argatan ni kadhata. Amajjii Bara 1989 kitaaba murtii Bilgiraahaamif kiruuseedii wangeelaa marsaa lammaffaan koonfaransii adeemsifamuuf kadhata namoota sadiiin adeemsifamu jajjaabeessuun hedduun isaanii namoota kadhata sadeenii kana keessatti hammataman namoonni salgan isaanii osoo Bilgirahaam garasitti hin dhufin gooftaa fudhachuu isaanii arganii turaan. Namoonni gara kuma torbaat gahan bu'aa kadhata kiruuseedii Bilgirahaamif garee namoota sadiiin adeemsifameen argame lafti dinqiin guutamte. Kun daandii dinqisiisaa akkamii kan lubbuuwwan fayyisuuf seexana wajjin wal'aansoo itti walqabaniidha!" (Kiristaansan, 110).

Lubbuuwwan akka fayyan kadhata goonu keessatti hiriyaan kadhataa yookan walitti hidhamuun karaa bu'a qabeessa biroooti. Hedduu ta'anii walga'uu irraa lama ta'anii walga'uun baay'ee salphaadha. Garee waliinii dhirsaa fi niitii baay'ee kan wayyuudha sababiin isaa isaan yeroo hundumaa waliin ta'u akkasumas ba'aan fira fi sabab isaanitiif qaban ol'aanaadha. Hyata'u malee walitti hidhamiinsi garee kadhataa kamiyyuu ni hojjeta. Iyyasuusis deebin kadhata isaanii akak dhufu mirkaneesseera (Maatewoos Boqonnaa 18:19).

Dhuma irrattis kadhata dhuunfaa nama tokkoon taasifamuuf kan hojjetu tooftaa tokko nan ibsa. Kunis tarree kadhataati. Anii fi saboonni koo kan kumaatama hedduun lakka'aman waliin taane tooftaa tarree kadhata waggoota hedduuf itti

fayyadamneerra, kanaanis namoonni hedduun gara Kiristoos yommuu dhufan argineerra. Seenaa ana eebbise dubbachuun haan xumuru, seenichio isinis ni eebbisa jedheen amana.

“Waggoota muraasa dura Ispiriingifiild Iliyoons keessatti namni tattaaffii cimaa qabu tokko garee kadhataa ofii isaa dhaabuun yaada akaks jedhu isaaniif kenne “galgala kana gara manaatti yommuu deemtan namoota beektan kan akka isaan fayyadn barbaaddan kanenen magaalaa Ispiriingifiild keessa jiran maqaa isaanii hunda barreessaa sana booda maqaa isaaniitiin guyyaatti si'a sadi kadhadhaa fayyuu ni danda'uutii. Wanta dandeessan hundaan Gooftaa akka fudhatan isaan gargaaraa:” Yeroo kanatti magaalaa sana keessatti qaamni ishee baay'ee kan miidhame dubartii gattii hin qabne turte. Waggoota kudha torba guutuun dhukkubsattee siree irratti haftee turte. Waggoota hedduun soo hin tarreesin dimshaashumatti lubbuuwwan akka fayyan ni kadhatti turte. Matiin ishee yaada garee kadhataa kanaaf kenname yeroo isheetti himanitti akkas jette “ani gochuu kanan danda'u wanti tokko ni jira, harka mirgaa ishee sochoosuu ni dandeessi. Siree ishee cinaa minjaalatu ture, qalamaa fi waraqaa akka isheef kennan ni gaafatte isheenis maqaa namoota shantamii torbaa ni barreesiite. Isaan kana hundumaaf guyyaa guyyaan maqaa isaanii dhahuun ni kadhatti turte. Kabajaa fi jaalala isaaniif qabdu ibsuun xaalayaa barreessite. Hiriyoota kiirstaanaa

namoota kanneen beekaniif waa'ee isaanii iccitii hunda eeguu waan danda'aniif, waa'ee fayyina isaanii waan yaadaniif hundi isaanii fayyinnaa fi qalpii jijiirrachuun akka dhufan akka isaan gargaaraniif xaalayaa barreesite. Shakkii tokko malee Waaqayyootii amantii qabdi turte. Amantii fi garraamummaa isaan irratti qabduun warreen faayyaniiif araaara ni kadhatte. Namoonni shantamii torba hundi isaanii fayyisaa isaanii Gooftaa Iyyasuus Kiristoositti amananiiru" (Maakikilur, 124-25).

## Boqonnaa 6

### Dhuga Bahumsa Jirenya Dhuunfaa

Barnoota barumsi kun Farmeerviil waldaa kiristaanaa Kiristiviw Baaptistii Luwuziyaanaatti argamu, ji'a Caamsaa bara 2002 barsiiseen ture. Lubni waldaa Kiristaanaa Wayinee Waayitisaayid akkas jedhee barreesseera: "jirenya namaa iraa wantoonni jabaataa jedhaman dhabamsiifamanii yoo bahan argineerra, barumsi ati barsiiste kun seerota Waaqayyoo hojii irra oolchuun namoota lubbuuwwan badaniif kadhataniif jirenya isaaniitiif warraaqsa guddaa ummaa jira."

Lubni Waayinee namoota karaa du'aa fi mana hidhaa jiraniif ba'aa gudada kan qabu waan ta'eef yeroo isaa hedduu kan balleessu wal'aansoo isaan Kристоosif booji'uuf taasisuunidha. Seenichis akkas jedhee itrti fufa: "warreen mandara du'aa keessa jiran fayysiun hojii guddaa hidhamtoota Teeksaas Hawustivaayil keessa jiran bilisa baasuu of keessaa qaba. Namni kun nama baay'ee ofii isaa Islaamummaaf kan kennan yoo ta'e, amalaan kiristaaanota hedduu ani beeeku irra kan fooyya'eedha. Waggoota lama waliin hojjedheera, wangeela isaaaf dhugaa bahuun akka inni gooftaa fudhatu gargaarus jijiiramni kamiiyyuu hin argamne ture. "Allaan si waliin haata'u" jechuun cufa.

J'i'a Fulbaanaa Bara 2002 hidhaa iraa hidhamuuf ji'oota 2 dursee barumsi dogoggoraan guddaan waldaa kiristaanaa hidhe

akka hidhamu, dhiigni isaa isa irratti akka facaa'u cimsanii akka kadhatan isaaniittan hime. Haala nama dinqisiisuun wantoonni jijjiiramuu eegalan, innis Iyyasuus Kiristoos barsiiasaa gaarii ta'u isaa amanuun xaalayaalee "Waaqayyo si waliin haa ta'u" jechuun barreessuu eegale.

Yeroo hidhaa irraa hiikatutti isa waliin akkan argamu na affeeree ture. Osoo hin hiikamin dura yeroo dhumaatiif isa ilaaluuf gara Huntisveeyil deemeen ture, innis: "fayykanmaf Kiristoositti amanuuf maal gochuun qaban?" jedhee yommuu na gaafatetti laphee koo akkamitti akka gammade ibsuu hin danda'u. sa'aatii muraasa booddee sa'aatii 9:05tti Gooftaan Iyyasuus fayyisaa isaa akka ta'u ni gaafate. Haala nama dinqisiisuun sa'aatii shantamii tokkoo fi daqiqaa kudha lama irratti lubbuun isaa boqotte. Hidhaa irraa hiikamuuf sa'aatii lama dura harka isaa gara gooftaa kaasuun "sin jaalladha anis samittan si'eega" jedhee natti dubbaate. Kunis yeroo tokkoo fi yeroo dhumaatiif lafa kana irraa osoo jiruu jechi dubbate "Waaqayyo gaggeessadha, akkasumas guddaadha!" yoo du'u fuulli isaa gammaachuun kan guutame ture, kan eegaa tures dhuga bahumsa kana ture.

Nama karaa du'aa irraa jiru gara Kiristoos fidduuf tattaaffiin ofii keenyan goonu kamiiyyuu barsiisaa sobaa kan ta'e humna qabeessa sana hidhuun dhiiga Kiristoos Iyyasuusin yoo isa hin hidhin alatti dhamatii akkasumaaniiti. Sana booddee balaballi

wangeelaa dinqisiisaa ta'e hatattamaan yoo banamu inni ofii isaatiin akkamittan fayyuu danda'a jedhee yoo gaafatu ni argine. Har'a inni samii keessa jira, kunis kan ta'u nuti namoota badaniif keessattuu lyyasuus Maatewoos Boqonnaa 3:27 irratti akkuma dubbate humna qabeessa hidhuun namoota badaniif kadhachuu yoo baranneedha. "yaa'ii keenyaaf dhugaa bilisa baasudhaa wan dubbatteef baay'en si galateeffadha. Waaqayyoo bara dhumaatti milkaa'ina makara sassabuu siif kenuun akka si gonfachiisu nan amana."

Fayyina nama tokkootiif yommuun kadhadhu Waaqayyoo naannoo nama kanatti hojii isaa ni eeegala. Riik Gireeshaatiif haati manaa isaa Heelen fi lubni ishee Mikii Haandineel yoommuu kadhataniif kan ta'e kana ture. Kutaa seenaa Riik akka armaan gadiiti: "guyyaa fi halkana baay'ee rakkisa jirenya koo keessatti dabarse keessaa tokko Bara 1990, ji'a Guraandhala fi Bitootessa keessadha. Yeroo sanatti waan tokkollee yoo hubachuu baadhe, to'anno hafuura qulqulluu jalan ture. Anaaf maaltu akka ta'aa jiru naaf galuu baullee kan naaf gala ture ji'oota lamaan kanatti iddoowwan deemaa ture hundatti Waaqayyoo biraagalee dhagaahaa fi fakkiis argaan ture. Yeroo hundumaa yeroon hiriibaa dammaquutti Waaqayyoo achitti argama ture. Namoonni ani waggoota heduuf isaan beeku waa'ee Gooftaa natti dubbachuu eegalan. Eessattiyyuu dhokachuu hin dandeenye ture.

Guyyaa tokko hiriyaan koo waliin taane konkolaataa isaatiin osoo konkolaachisaa jiruu hiriyaan isaa daandii irra nu dhaabee ian isa dubbisnu hin dagadhu. Namni kun gama kootiin konkolaatatti siquun dubbachuu eegale, haasawa isaatiiniis hiriyaan kootti waa'ee Gooftaa lyyasuus dubbachuu Gooftaa lyyasuus akka fayyisaa dhuunfaa isaatti akka fudhatu ni jajjabeessa ture. Ammas sagalee biroo Waaqayyo irraa nan dhagahe, miira dhokachuu hin dandeniyetu natti dhagahame. Konklolaataa keessatti homaa osoo hin dubbatin taa'een ture. Gama tokkoo waan hedduu dubbachuun barbaade gama birootiin immoo hiriyaan koo konkolaachisuu isaa akka fufuu barbaadeera. Dhuma irratti sa'atii tokkoo fi daqiqaa shaniif ergan turee booddee hiriyaan koo konkolaachisuu isaa itti fufe. Guyyoonni darbaa yoo deeman Waaqayyoo bakka hundumatti ofii isaa ni mul'isa ture, yeroo sanatti hojii ofii kootii maashinaa mana keessatti na hojjdha ture. Namichi gurraachi hubannoo qabu tokko gara kootti dhufee ana waliin haasa'uu eegale. Yeroo kanatti yommuun ani wantoota amanaa dhufeetti inni gara bakka hojii kootti dhufe. Anis ofii kootin raajiin guutamee eenyumtuu waa'ee Gooftaa natti himuu hin qabu, ani hundumaa nan beekan jechaan ture. Ta'us dhuma irratti humna ittiin waa'ee Gooftaa lyyasuus gaafadhu nan argadhe. Ani deebiwwan isaatiif qophaa'aa ta'uu baadhus inni garuu qophaa'aa ture.

Innis “xiqqoo naaf obsi jechuun gara konkolaataatti deemuun Macaafa Qulqulluu waggaa dhibbaaf ture fakkaatu qabee dhufe, fuulawwan Macaafotaa banuun dubbisuu eegale. Wanta inni naaf qoode hubachuu baadhullee har'a keessa kootti wanti haaran ni jira miira jdhutu natti dhagahame, kana yoomiyuu hin irraanfadhu. Yaada “lammaffaa dhalachuu qabda” jedhu irra deddeebiin natti hime, kun sammuu kootii gonkumaa baduu hin dandeenye.

Yeroo kanatti ana gara sagalee Waaqayyootti na dhiyeessaa ture. Miira cimaa keessa koo jiru irra kan ka'e nama tokko Macaafa Qulqulluu gaafachuuf ija jabina nan argadhe. Anis kitaaba Insaayikilooppiidiyaa keessa jecha Kiristoos jedhu barbaadee yoo argadhu fakkii Kiristoos fannoo irratti fannifamee nan argadhe. Fakkii Gooftaa Iyyasuus irratti xiyyeffannoo akkan godhu wanti tokko na kakaase. Yeroo sanaa eegalee halkan hundumaa yaada waa'ee fakkii kanaa nyaaduun eegale. Torbanoota muraasa itti aananitti jirenyi koo ni jijiirame, baay'inaan jechoota abaarsaa nan fayyadama ture, gara sadarkaa dhimma kana dhaabuu hin ndandeenyeetti nan gahe. Humnan danda'u hundaan dhiisuuf nan yaale, garuu na to'atee ture waan ta'eef isa to'achuu hin dandeenye.

Dhuma mirrattis guyya tokko bakka hojii kootti osoon qpfaa koo jiruu Waaqayyoof akks jedhen dubbadhe: “Gooftaa ani dhimmakana dhiisuuf hin dandeenye waan ta'eef maaloo na

gargaari, wanta ati fannoo irratti goote guutumaa guututti hubachuu waanan hin dandeenyef natti agarsiisi, anis si duukan bu'a." guyyaa irraa eegalee wanti tokko ana keessatti jijiirameera. Dubbachuu qofan dhaabe miti fedhiin dubbachuuqabu nan dhabe afaan wanta kanaaf ta'u hangan argachuu hin dandeenyetti!

Anis keessa kootti maaltu ta'aa akka jiru nama biroof himuu narra ture, kanaanis luboota waldaa kiristaanaatti waan tokko dubbachuu akkan danda'u nan gaafadhe. anis jechuu kana danda'u Waaqayyo ana jaalala Kiristoosin waan ofitti na fudhateef bara hafaa kootti isa duuka bu'uu akkan qabu humna kan naaf ta'e isa qofa akka ta'eedha. Ji'oota lamaan amanuu kanneenitti wantin hin habatin yoo jiraate haati manaa koo fi lubni ishee fayyina kootiif guyya guyyaan ofii isaanii kenuun osoo addaan hin kutin ni kadhatu ture, shaakalaa kanan tures Waaqayyoo kadhata isaanii deebisa kan tureedha. Anis bu'aa kadhata amanamaati, isinis karaa kana irra darbitanii jirtu yoo ta'e maala akka ta'e ni hubattu. Ani yeroo ammaatti Luba waldaa Kiristaanaati, ayyaana Waaqayyoo jirenya kootti ira deddeebiin shaakalaan jira.

Waaqayyo gara nama tokkootti yommuu kadhannutti namicha gara isaatti fiduuf tarkaanfii barbaadu hunda akka fudhatu heeyyamuu qabna. Wesiislid Duweel akkas jedha: "namonnii mata dureewwan kadhataa hedduun akka deebi'an kadhatan

tola Waaqayyootiif ofii isaanii bichisisuu qabu. Waaqayyo callise akka barreeffama gabatee irraa namoota iddooo gara iddootti kan naannessu miti, kaka'umsaa fi dhiibbaa hedduu namoota irratti fiduun akka isa barbaadan ni taasisa (Deweelii, 262). Dhiibbaan baay'ee kan nama cinqu ta'uu ni danda'a. wanti Toonii Fontenootif ta'e kana ture "ani kanan dhaladhe maatii kiristaanaa goottonni kadhataa itti argamanitti (haadha koo, akaakayyuu fi akkawoo koo, adaadawan koo fi eessummoota ko ni dabalata). Isaan anaaf waggoota hedduuf kadhatan illee wanta ofii kootii godhuu itti fufeen ture. Waaqayyo nu waliin dhimma yoo qabaate wanta keenya gochuu itti fufnee osoo jirruu wantoonni baay'ee dinqisiisoo ta'an akka muudatan heeyyamuu eegala. Sana booddee dhuguman isinitti hima inni jirenya keenya keessatti xiyyeffannoo ni argata.

Waaqayyo xiyyeffannoo koo Eebala 22 Bara 1982tti hawwate. Anis maasii qonnaa Baaqelaa irratti keemikaala biifuu xmumuree gara booddeetti yoon deebi'u xayaarri koo osoo balali'aa jiruu balaa irra gahe ni gubate anis ibidda keessan ture. Ibiddaa balleessuu lafa irra gangalachaa shamiziin koo guutumaan guututti akka gubate nan arge, gogaan harka koo irra jiru akka maraa sariitiitti harka koo irraa gadi rarra'u. Ijji mirgaa koo arguu hin danda'u qaamni koo dhangala'oowwan garaagaraa dhangalaasuu eegale anis balaa irra akkan jiru nan hubadhe.

Gargaarsa argachuuf iyyuun eegale eenyumtuu kan na dhagahu garuu hin turre. Anis hangan deemuu dadhabutti hangan danda'e nan fiige. Muka jala ciiseen kadhachuu eegale, akka hin duune namni wayii dhufee akka na gargaaru Waqqayyo nan kadhadhe. Battalumatti wantoonni jijiiramuu egalan, akka waan namni tokko dhufee na gargaareetti humna kootiin jabinni natti dhagahame. Humna haaraan dfiiguun gara konkolaataa piikaappii haaraa takka nan qaqqabe, gara konkolaatichaatti dhiyaadhee akka na gargaaran nan gaafadhe. Namichi hojji irra ture gara koo ilaaluun fiigee dhufee qabe Hospitaala na geesse. Sana booddee Hospitaala jalqabaa irraa gara Giddu Gala Joon Siili Boorn (Gubachuu) kan Teeksaas Gallavistoonitti argamuutti fudhatamee ji'oota lama xiyyeffannoo fi horodffii addaatiin an ture.

Haala baay'ee abdii nama kutachiisu kana keessatti Waaqayyo xiyyeffannoo koo ni hawwate. Sadaasa Bara 1982tti obboleessi hafuuraa keenya Lii Toomaas walga'ii Waldaa Kiristaanaa Indiyaa Viileejjii irratti sagalee dammaqinaa guddaa lallaabe. Erga wangeelli natti himamee boodde Gooftaan Iyyasuus fayyisaa koo akka ta'u nana amane. Innis "Toonii kufaatii fi gubanna Xayyaara kanaa wantoota jirenyaa kessa keessatti ta'an hundumaa irra kan caalu ta'a, sabaaba kanaan ati gara Gooftaa beekuutti dhuftee jirata waan ta'eef" naan jedhe. Anis yaada isaatiin waliin gale.

Aswaald Chaambars akks jedha: “nuti waa’ee namoota biroo yommuu kadhannutti haala nuti hin beekneen eeenyumaa keenya to’ate ni kadhata, namni nuti kadhannuuf maal akka ta’e hin hubatu, garuu erga yeroon darbee boodde namni nuti kadhannee jeeqamuu fi boqonnaa dhabuun mallatloo kenuu eegala. Mootummaa seexanatiif ulfaata kan ta’u kadhannaakkanati. Jalqaba irratti yoo ilaalamani wantoonni waan salphaa hin taane fakkaatu, Hafuurri Waaqayyoo sababa ta’ee osoo itti dabalamuu baatee abboomamuu illee heeyyamamaa hin ta’an ture” (Chaambar, 102-03). Wanrti Yaaqob Wiiliyaamsiif ta’e kanuma ture. Inni yeroo dheraaf amantii fi hubannoo keessa turus maatii fi hiriyoonni isaa waa’ee isaa itti dhagahamee kadhachaa waan jiraniif wantoonni jijiiramanii gara fayyinaatti dhufe. Seenaan isaa keessatti “yeroo gara waldaa kiristaanaa Weestiwood Baaptisti yeroo jijiiramnetti ani dargaggeessa xiqqaan ture.

Anis battalumtti amantii keessatti nan qabame. Ta’us yeroo hundumaa gara waldaa kiristaanaatti yommuu adeemu keessa kootti yaada kana waliin waraana guddaa godhaan ture. Yeroo muraasa booddee miirri kun guutumatti bade gara waldsaa kristaanaatti deemuus fedhiin koo hundi ni bade. Haati koo gara waldaa kiristaana akkan deemu na jajjabeessa turte, hanga danda’ame hundumaan mana irraa fagaadhee jiraachuuf nan yaala ture. Inumayyuu ani intala dubaraa takka waliin walitti

dhufeenyaa badaa ta'e nan eegale, wantoonnis hamamacha deeman.

Yeeroo kanatti maatiin koo waa'ee koo bahaa baay'ee ulfaataa ta'etu itti dhagahame. Yeroo irbaata Gooftaatti waa'e koo xiyyeeffannoo addaa kenuun kadhachuu eegalan. Walitti dhiyeenya maatii waliin qabu balleessuu barbaaduu koo irra kan ka'e halkaneesseen gara manatti dhufa ture. Abbaan koo halkaniin ka'ee waa'ee jirenyaa Hafuura koo natti haasa'a ture. Anis yeroon umrii wagga 13 ta'etti amane akkan fayye isattan hima ture, dhugaa akka hin taane garuu anis innis ni beekna turre.

Ani amantii fi hubannoo guddaa keessan ture. Yaadni fayyuu jedhu sammuu koo keessa jiraatus humna naaf danda'ameen dura dhaabbachuuf wal'aansoon walqaba ture. Naannoo dhuma ji'a Guraandhalaatti dura dhaabbachuu hin dandeenyne waan ta'eef Gooftaa nan gaafadhe. Ani wanti hubadhe yeroo kanatti namoonni hedduun naannoo kootti akka kadhataniidha. Kan naaf kadhatan maatii koo qofa osoo hin taane amantoota waldaalee kiristaanaa jiran dabalatee rture, haala nama ajaa'ibsiisuun obbolessi quxusuun koo Joon illee dargaggoonni anaaf akka kadhatan godhee ture. Waaqayyoo kadhata isaanii waan deebiseef nan galateeffadha.

Riichee Baarantiinee fayyina ababa manaa isheetiif akkan kadhadhu yeroo nan gaafattutti miira namatti hin tolle keessa

turte. Inni dhugaatii dhugaa, qamaara taphachaa fi halkan guutuu ala tura waan ta'eef kadhanni koo deebii hin qabu miira jedhuun ni mo'amte. Seexanni miiriri akkanaa akka nutti dhagahamu kan godhu abdii kutannee kadhannaa akka dhaabnuufidha. Waaqayyoo hojii dinqisiisaa isaatiin yeroo tokkoo tokko waliin jiraachuun isaa osoo hin beekamin illee miira abdii kutanna kana cabse itti fufa. Wanti Jimboo Baarantiiniif ta'e kanuma dha. Inni "ani Waldaa Kiristaanaa Weestiwuud Baaptistii keessatti guddadhus Waaqayyoo anan keessa hin jiru miira jedhuun guutameen ture.

Rakkooleen ana isa irraa na dhiibu turan. Ergan fuudhee fi ilma dhiiraa dhalchee booddee isa gara waldaa kiristaanaatti deebi'ee kanan argadhe ta'us adeemsa jijiiramaa gudaa keessa darbaa ture, gaa'ilä hiikuun sirrii akka ta'e keessa kootti ofitti amanamummaa guddaan qaba ture waan ta'eefis ergan maatii dhabe booddee jireenyi koo si'oollii guddaa natti ta'e.

Reeeheli ergan fuudhe booddee jireenyi gaarii ta'a jedheen ture, garuu dogoggoreera, gonkumaa gaarii hin turre. Wantoota walxaxaa akka hin gooneen ishen Gooftaa amante. Sana booddee amaloонни hamoon keessa koo turan ni hammatan. Isheen ana amansiisuun wanta natti himtu akka hin dhageenyе halkan guutuu dhugaatii dhugaa fi qumaara taphachaa alan bula ture.

Guyyaa Kibxata Bitootessa 13/2001 halkan guutuu dhugaatii dhugaa fin qumaara taphachaa alan bule ture. Bariisaa sana guyyaa Roobii ganamaan gara manaatti yommuun dhufu Waaqayyo akka na barbaachisu akkasumas jiraachuu akka qabu beekeen ture. Obboleessa hafuuraa Lii waliin waa'ee fayyinaa haasa'uuf gara Waldaa Kiristaanaa deemeen ture, inni garuu magaaalicha keessa hin turre. Kanaafuu gara mana eessuma koo Boob nan deeme. Inni Waldaa Kiristaanaatti lallaaba akka ta'e innii fi Awunti Faayee lamaan isaanii anaaf yeroo dheeraa kadhachaa akka turan waanan beekuf dhimma kanan akka na gargaaran nan beeke.

Awunti Faayee (Obboleettii haadha kootii) ati ababa manaa koo osoo taate yeroo dheeraa dura addaan baanee turre jettee naaf deebiste. Haati manaa koo Raahel anarraa abdii waan hin kutanneef isheen galateeffadha, ganama guyyaa Roobii sanatti lubbuu koo akka fayyisu Kiristoositti baay'ee nan abdadhe, innis jirenya koo haala dinqisiisaa ta'een naaf jijiire.

Imimmanonni "kadhataawan yaa'aa" jedhamanii waamamu, tarii kadhatawwan kadhatu hundumaa irra caaludha. Isaanis humna qabeessa akka ta'an kanan hubadhe awwalcha dubartii baroota hedduu Oraagee Teeksasitti nyaachisaa ture kanan baay'ee jaalladhu kan Lusaanaa Moosii Biluuf jedhamtu irrattan isa arge. Awwaalcha kana irrtatti namni tokko gara kooti tarkaanfachaa dhufe, harka isaa diriirsuun narra kaa'ee "ana

nan bektu mitii?" naan jedhe. Anis "lakki giooftaa koo natti hin fakkaatu" jedheen. Innis "ani kanan jiraadhu Bunnaa Teeeksaasitti, gaazexaa irrattis Lii Toomaas sirna awaalchaa kana akka raawwachiisu nan arge. Anis Lii Toomas isa ani si beeku sana ta'uu kee mirkaneessuun dhufe. Innis seenaa tokko natti hime "maqaan koo Jams Liinchi jedhama. Anis kanan guddadhe maatii kiristaanaa keessattidha. Yeroon Oraagee Teeksaas keessa jiraadhutti garuu raada dhugaatii alkoolii nan qaba ture hojii koos itti fufuuf wal'aansoon walqaba ture. Guyyaa tokko saaloonii manaa keessa ta'ee osoon jiruu baay'ee dhuguu koo irra kan kan miidhamuun waa'ee jirenyä kootii bitaa natti balballi koo ni rukutame" atis Iyyasuus akka na jaallatuu fin a fayyisuu akka barbaadu natti himtee. Haata'u malee ani to'annoo alkoolii keessa waanan ta'eef waamicha fayyisuu Waaqayyoo hin fudhadhun jedhe.

Ati teessoo jala jilbiiffattee ijji kee imimmaniiin guutee mataa kee gadi qabuu Gooftaan Iyyasuus waan si fayyisuuf fudhadhu jettee na kadhatte. Lapheen koo ni xuqame anis nan barbaade, garuu alkoolichi na to'atee ture waan ta'eef hin dandeenye.

Waggoota sad iimmanonni kunneen na ari'atan. Qalbii koo akkan jijiirradhu Gooftaa akkan fudhadhu ati kan goote miila keetiin jilbiiffattee ija kee imimmaan guutee yommuu kadhattu guyyaa tokkoof illee yaada kootiin osoo hin argin hin oolu ture. Waggoota sad i Waaqayyo waliin erga wal'aansoo walqabee

booddee qalbii koo nan jijiirradhe Waaqayyos ulfinaan na fayyise tajaajila lallaabaatiifis na waame. Amma waggoota hedduuf sagalee isaa lallabaan jira. Ati guyyaa sana gara manaatti osoo dhufuu baattee Waaqayyoon alatti bade fi du'ee si'oolittan argama ture.

Joorji Mular hiriyaan isaa kadhataan gara Gooftaa deebisuuf kadhata guyyaa guyyaan godhamuun waggoota Jahaatamaa ol fudhataeera. Jams Luunchii gara Kiristoositti fiduuf kadhata imimmaanii waggoota sadii ol ture gafateera. Garuu kiristaanonni kuma lama yeroo kadhataniifitti Jabaazii Keeri sa'aatii jalqabaa keessatti gara Gooftaa dhufeera. Kunis kan nutti agarsisu tokkummaan kadhachuun namoonni badan gara Gooftaa akka dhufaniif daandii bu'a qabeessa akka ta'eedha.

Fayyina Maayik Dooleesiif kun waan furtuu isaa ture. Seenaan isaas kana fakkaata "ani kanan guddadhe Waldaa Kiristaanaa Niwu Hooppi Baaptisti keessatti. Gooftaan akka ana fayyisu gonkumaa amanee hin beeku ture. Umrii dargaggummaa kootti hiriyoota koo waliin ta'uun gara Waldaa Kiristaanaatti deemuun eegale garuu bu'a qabeessa hin turre. Obboloota koo fi obboleettiawan koo ilaala gara Waldaa Kiristaanaa deemaa kanan ture ta'us bu'a qabeessa hin turre. Jireenyi barabaraa akka jiruu sadarkaa beekumsaatti nan amana, akkasumas Kiristoositti amanuun wanta sirrii akka ta'e nana amana, ta'us hin raawwadhu ture.

Haatii osoo addaan hin kutin naaf kadhattus guyyaa tokko tajajila halkanii irratti lubni waldaa kiristaanaa amantootaan nama gooftaa hin beekne tokko akka gooftaa fudhatu maqaa isaa waraqaa irratti barreessaa hanga jedhetti wanti homtuu hin taane ture. Innis booddee kan natti hime waraqaaawwan saddettama ta'an akka sassaabe, tokkoon tokkoon waraqaa irratti maqaan koo jiraachuu natti hime. Erga isaan anaaf kadhachuu eegalanii yeroo muraasa booddee keessa koottii duwwa ta'uu fi nama akkasumaanii waa'ee hin baasne ta'uun koo natti dhagahame, mirri kunis Macaafa Qulqulluu dubbisee maal gochuu akka qabu Gooftaa hangan gaafadhurstti boqonnaa hin arganne.

Dilbata ganama gara Waldaa Kiristanaatti deemuu eegaleen ture. Guyyaa tokko Bitootessa 1/1998 ijjoolleen kudha shanan kun anaaf kadhachuu eegalan, turban lama booddee tarkaanfii jalqabaa qofa ergan tarkaanfadhee booddee kan itti aananii jiran akkan hubadhu naatti hime, wanti kun jirenyan gooftaa waliin qabuuf jalqaba ture. Waggoota afurtamii sagal gooftaa fudhachuuf heyyamamaa osoo hin ta'in akkasumaan dabarsus amma kanan hubadhe akka kiristaanaatti hojii keenya sagalicha tamsaasuuf wanta dandeenyu hunda fayyadamuudha. Anis carara mijataa inni naaf kennu kamittuu fayyadamuun kana gochuuf murteesseera.

## **Boqonnaa 7** **Waadaa Galuu**

Kitaabni kun akkasumaan gorboo kitaabaa irra taa'uuf hin qophoofne, dhugaawwan dinqisiisaa of keessaa qabuun laphee keessa darbee seenuudhaafi malee! Dhimmi jirenya barabaraa nama tokkoo harkaa irra jira. Ati kan kadhanne yoo ta'e namni sun du'ee gara si'oolii deema. Andiriwuu Muree "kadhata araara kadhachuu lubbuuf jijiiruuf wanta bakka bu'aa hin qabne fi ol'aanaa ta'eedha" jedha. "Aadunyaan wantoota badan miliyonni hedduun guutamtee jirti, kadhata walitti araara kadhachuu garuu abdii ishee qofa." Kadhannii araaraaf kadhhatamu xiqaan waan ta'eef jaalallii fi hojii akkasumaan ta'aniiru, lubbuuwwan addunyaa caalaa gatii ni baasu, dhiiga Kiristoos Iyyasuusin isaaniis kaffalameen walqixa gatiin ni barbaachisa, kunis immoo argamuu kan danda'u kadhata araaraa keessattidha" (Muree, 112).

Ani siif kanan kadhadhu Macaafa kana yommuu dubbistu dhugaa keessa isaa jiruun gara laafummaan uumamee akka Waqayyoo si barbaaddetti namoota badaniif kan kadhattu akka si taasisuudha. Walaloo itti aanu kan Saandiraa Gud Wiinin barreffame yoo dubbistu laphee keetiin yaa Gooftaa ani hojicha nan hojjedha akka jedhu abdiin qaba!

## **Jilbawwan Kootiin Tarkaanfachuu**

Kaleessa galgala imaleen ture  
Biyya alaatii biyyi dhalatte  
Doonii xayaaraan miti kan adeeme  
Humna kootiin malee kan qabame.  
Kanaanis namoota hedduu nan arge  
Warreen sababa cubbuu isaniitiin hidhamanii  
Iyyasuuus natti hima akkan deemu gara isaanii  
Lubbuwwan fayyan waan qabuuf inni.  
Haata'u malee "deemuu hin daa'u" jedhe natti ulfatee  
Galaana ce'ee deemuu gamatti deemuu inni garuu naaf  
deebisee "eeyyee ni danmdeesa"  
Jilbawwan keetiin tarkaanfattee.  
Jilba kootiin jilbiiffadhee osoon jiruu  
Humni koo baay'ee dadhabe  
Gooftaan garuu na cinaa dhaabbateen arge  
Jilba kootiin nan tarkaanfadhe kadhataan.  
Yoo kadhadhu nan arge lubbuun yoo fayyu  
Namni dhukkubsatu yoo fayyu  
Nan arge tajaajiltoonni isaa yoo jabaatan  
Hojii dirree irraa kan jiran.  
Anis nan jedhe "yaa Gooftaa koo hojicha nan hpojjedha"  
Laphee kee nan gammaachiisa.  
Sagalee kee dhagahee battalumatti nan deema,

Jilba kootiin nan jilbiiffadha”

(Luundistiroom 207-208)

Ba'aan Waaqayyo naafa kenne namoonni waaqayyoo kumaatama hedduun lakka'aman kan baayya'echaa adeeman loltoota kadhataa lubbuuwwaniif araara kadhachuun lolan akka ta'aniidha. Yaa nama dubbistu! Baay'ee kanan isin eebbisu gara kadhata ulfinaa, humna qabeessaa fi bu'a qabeessaa lubbuuwwan badaniif godhamutti akka galtan ani akkan beeku yoo na taasistaniidha.

Waan ta'eefis xiyyeffannoo gochuun namni akka fayyu barbaaddan yoo jiraate maqaa isaa fi firumama isin waliin qabu, odeeaffannoo waa'ee haala namni kun keessa jiruu ibsu yoo naaf ergan bu'uura abdii Gooftaan Maatewoos Boqonnaa 18:19 irratti kenneetiin anis isin waliin waliigaluun nan kadhadha. Namni kan hin goone garuu bu'uura seerota kadhataa kitaaba kana keessatti ibseetiin kan kadhatan yoo ta'eedha. Waaqayyoo nama kanarratti keessattu odeeaffannoo gara fayyinaatti dhiyaachaa kan jiru ta'uu fi hojjechaa jiraachuu isaa agarsiisu kennuu qaba!

## **Unka Mata Duree Kadhataa**

***Macaafa Saamu'eel 1ffaa Boqonnaa 12:23:***

“Isiniif kadhachuu dhiisuun Waaqayyo duratti cubbuu

hojjechuun immoo ana irraa haa fagaatu”

1. \_\_\_\_\_
2. \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_
5. \_\_\_\_\_
6. \_\_\_\_\_
7. \_\_\_\_\_
8. \_\_\_\_\_
9. \_\_\_\_\_
10. \_\_\_\_\_

11. \_\_\_\_\_
12. \_\_\_\_\_
13. \_\_\_\_\_
14. \_\_\_\_\_
15. \_\_\_\_\_
16. \_\_\_\_\_
17. \_\_\_\_\_
18. \_\_\_\_\_
19. \_\_\_\_\_
20. \_\_\_\_\_

## **Kitaabilee Ragaa**

- Billheimer, Paul E. Destined to Overcome. Minneapolis: Bethany House, 1982.
- Blanchard, Charles. Getting Things from God. Chicago: Moody, 1934.
- Carre, E.GPraying Hyde. South Plainfield: Bridge, n.d.
- Chadwick, Samuel. The Way To Pentecost. Fort Washington: CLC, 2001.
- Charter Lewis S. True Evangelism. Findley: Durham, 1919.
- Chambers Oswald. If Ye Shall Ask. Alexandria: Lamplighter, n.d.
- Christenson Evelyn. Battling the Price of Darkness. Wheaton: Victor, 1990.
- Cymbala, Jim. Fresh Wind, Fresh Fire. Grand Rapids: Zondervan, 1997.
- Deuwel, Wesley. Mighty Prevailing Prayer. Grand Rapids: Asbury, 1990.
- Dunn, Ronald. Don't Just Stand There, Pray Something. Nashville: Nelson, 1992.
- Eastman, Dick. No Easy Road. Grand Rapids: Baker, 1971.
- Edwards, Brain. Rivival. Durham: Evangelical, 1990.
- EPP, Theodore H. Praying with Authority: Lincoln: Bible Broadcast, 1965.

- Finney, Charles G. Revivals of Religion. Old Tappan: Revell, n.d. Charles
- G.Finney: An Autobiography. Westwood: Revell, 1876
- Gordon, A. J .The Holy Spirit In Missions. New York: Revell, 1903.
- Gordon, S.D. Quiet Talks on Prayer. New York: Revell, 1903.
- Huegel, FJ. Prayer's Deeper Secrets. Grand Rapids: Zondervan, 1959
- Lundstrom, Lowell. How You can Pray With Power and Get Results. Sisseton: Lundstrom Ministries, 1981.
- Matthews, R. Arthur. Born ForBattle. Wheaton: Shaw, 1978.
- McClure, James G.K. Intercessory Prayer. Chicago: Moody, 1978.
- Murray, Andrew. The Ministry of Intercession. Old Tappan Revell.n. d
- Newell, Philip.Revival on God's Terms. Chicago: Moody, 1959.
- Penn –Lewis, Jessie. Prayer and Evangelism. Dorset: Overcomer, n.d.
- Pierson, A.T. George Muller of Bristol. Old Tappan: Revell, 1989.
- Ravenhill, Leonard. Revival God's Way. Minneapolis: Bethany House, 1986.
- Smith, Eddie. Intercessors: Houston: Spirit Truth, 1998.

Spurgeon, Charles. My Conversation. Springdale: Whitaker, 1996.

Twelve Sermons on Prayer, Grand Rapids: Baker, 1990

Steer, Roger. George Muller: Delighted in God. Wheaton: Shaw, 1986.

***yaadannoo:***

*Tarreen kitaabilee ragaa kitaaba kana keessatti ibsaman  
dubbisaan kallattumaan akka argatu yaaduun Afaan  
Ingiliffaatiin akkuma jirutti akka taa'an godhameera.*

lubbuuwwan badaniif kadhachuu kan jedhu baay'inaan irra deddeebi-in yaada ibsameedha, haata'u malee beekumsii fi hubhannoos isaa xiqqoodha. Kun saanduuqa lakkooftsa icctiin cufame osoo lakkooftsi-chaa hin beekin akka banuuf yaaluutti lakkaa'ama hangamiyyuu yaalii goonu abdii ni kutanna, ni dhaabna. Mootummaa barabaraatiif qophaa'uiuf lubbuuwwan Kiristoos du'eef yaada keenya ta'uu qabu, isaanii kadhata bu'a qabeessa akkamitti gochuun akka qabnu bara chuu qabna.

(Kitaabicha keessaa kan fudhatame)

Jaalalli lubbuuwwan badaniif qabnu sababoota cimoo akka akka isaanii kladhannu nu taasisan keessaa kan jalqabaati. Kadhanni wantoota addunyaa irra jiran hundumaa keessaa hojji abboommii humna dhiibaba uumuu danda'u qabuudha, amantoonni yommuu kadhatan waan gaarii hojjechuuf akkasumas gara bu'a qabeesuu-matti gahuuf dandeettii isaanii dacha kumaa fi kuma dhibba ni dabala, kun baay'isanii ol kaasuu miti! Namni yoo kadhatu Waaqayyo ni hojjeta.

(Kitaabicha keessaa kan fudhatame)

Iyyaasuus Kiristoos kadhata bu'a qabeessa lubbuuwwan badaniitiif godhamu irratti fakkeenya keenya isa muummee waan ta'eef .... dub-bistoonni kitaaba dinqissiisaa kana maallaqa isaanii gochuun faayina namoota hedduutiif hojjetoota kadhataan lolan akka ta'an kanaanis kadhata bu'a qabeessa ulfinaa fi humnaa lubbuuwwan badaniif taasi-famutti akka makaman baay'ee ni jajjaabeessina.

(Tajaajila Anaasimoos)